



Waggaa 10<sup>ffaa</sup> ..... Lak. 1  
 8ኛ ዓመት ..... ቁጥር 6  
 8<sup>th</sup> year ..... No. 6

Finfinnee, Onkoloolessa 17/1994  
 ፊንፊን ቀን 12ኛ 2000  
 Finfine, July 12<sup>th</sup> 2000

# MAGALATA OROMIYAA

## መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo ..... 10.00 የንዱ ዋጋ ..... ” Unit Price. .... ”	To’annaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ም/ቤት ጠባቂነት የወጣ	Lakk. S. Poostaa ..... 101769 የፖ.ባ.ቁጥር ..... ” P.O.Box ..... ”
---	---	--

**QABEENTAA**  
 Labsii Lakk. 46/1994  
 “LabsiiHeera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan bara 1994 fooyya’ee bahe raggaasuuf bahe ..... fuula 1

**ማውጫ**  
 አዋጅ ቁጥር ፵፯/፲፱፻፺፬  
 “የተሻሻለው የ፲፱፻፺፬ ዓ.ም የኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት ማጽደቅ አዋጅ ..... ገጽ ፩

**CONTENT**  
 Proclamation No. 46/2001  
 “Enforcement Proclamation of the Revised Constitution of 2001 of the Oromia Region ..... Page 1

Labsii Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan Bara 1994 Fooyya’ee Raggaasuuf Bahe  
 Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Kan bakka bu’oota ummata naannichaatiin irratti mariyatamee, Waxabajjii 14 bara 1987 yeroo jalqabaatiif ragga’ee fi hanga ammaa hojiirra ture, bal’inaan ilaaluuudhaan qooddii aangoo fi ittigaafatama qaamota mootummaa naannichaa ifaan tumuu fi akkaataa tajaajila si’oomaan kennuu danda’uu saanii agarsiisuun sirreessuudhaan Heericha fooyyessuun barbaachisaa ta’ee waan argameef,  
 Bu’uura Heera motummaa bara 1987 bahe keewwata 49(3) (a) fi 98tiin, Labsiin Heera mootummaa naannichaa kan bara 1994 fooyya’ee bahe raggaasu, kanatti aanee labsameera.  
 1. Mata Duree Gabaabaa  
 Labsiin kun “LabsiiHeera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan bara 1994 fooyya’ee bahe raggaasuuf bahe lakk 46/1994” jdhamee waamu muu nidanda’a.

የተሻሻለው የ፲፱፻፺፬ ዓ.ም የኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት ማጽደቅ አዋጅ  
 በክልሉ ነዋሪ ሕዝብ ተወካዮች ተመክሮበት ሰኔ ፲፬ ቀን ፲፱፻፹፯ ዓ.ም በመጀመሪያ የፀደቀውን እና እስካሁን ሲሰራበት የቆየውን የክልሉን ሕገ መንግሥት በጥልቀት ተመልክቶ በተለይም የክልሉን መንግሥት አካላት የሥልጣን ክፍፍልንና ተጠያቂነትን በግልጽ መደንገገና ቀልጣፋ የሆነ አገልግሎት መስጠት በሚቻልበት ሁኔታ ሕገ መንግሥቱን ማሻሻል ተገቢ ሆኖ በመገኘቱ፣  
 በሥራ ላይ ባለው የክልሉ ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፵፱ (፫) (ሀ) እና ፺፰ መሠረት ከዚህ የሚከተለው የተሻሻለው የ፲፱፻፺፬ ዓ.ም የክልሉ ሕገ መንግሥት ማጽደቅ አዋጅ ታውጇል።  
 ፩. አጭር ርዕስ  
 ይህ አዋጅ “የተሻሻለው የ፲፱፻፺፬ ዓ.ም የኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት ማጽደቅ አዋጅ ቁጥር ፵፯/፲፱፻፺፬” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

A Proclamation to Enforce the Oromia Regional State Revised Constitution of 2001  
 Convinced that, it is appropriate to revise and proclaim the regional constitution, which was, after deliberation upon by the representatives of the residents, proclaimed on June 22/1995 and is in force now, in a manner that makes the separation of power and accountability of the state organs clear and enable them render effective services;  
 Now, therefore, in accordance with Article 49 (3) (a) and 98 of the constitution in force, an enforcement Proclamation of the revised Constitution of 2001 of the region it is hereby proclaimed as follows.  
 1. Short Title  
 This Proclamation may be cited as “Enforcement Proclamation of the Revised Constitution of 2001 of the Oromia Region, Number 46/2001”.

2. Heerri Fooyya'aan Bara 1994 Ragga'uusaa

Qabiyyee fi teessumni tumaa-tota Heera mootummaa naannichaa labsii lakk. 1 bara 1987 baheen ragga'ee erga iaa-lamee booda Heerri motum-maa naannoo Oromi yaa kna fooyya'e labsii kanaan ragga'eera.

3. Waa'ee Raawwatamummaa Seerota Kanaan Duraa

Seerri kanaan dura ba'ee hojii-rra jiru kamiyyuu hamma Heera mootummaa naannichaa kan fooyya'een walhinfaalleessinetti raawwatamummaansaa itti fufa.

4. Yeroo Labsiin kun itti ragga'e

Labsiin raggaasisaan kun Heera mootummaa naannichaa fooyya'e wajjin Onkolooleessa 17 bara 1994 eegalee kan ragga'e taha.

Adaamaa, Onkolooleessa 17 bara 1994  
Suufiyaan Ahmad

Ittiaanaa Pireezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

፪. የተሻሻለው የ፲፱፻፺፩ ሕገ መንግሥት ስለመጽደቁ

በአዋጅ ቁጥር ፩/፲፱፻፺፩ ዓ.ም የፀደቀው የክልሉ ሕገ መንግሥት ደንጋጌዎች ይዘትና አቀማመጥ ከታዩ በኋላ የተሻሻለው የ፲፱፻፺፩ ዓ.ም የኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት በዚህ አዋጅ ፀደቋል።

፫. ስለነባር ሕጎች ተፈጻሚነት

በሥራ ላይ ያለ ማንኛውም ነባር ሕግ ከተሻሻለው ሕገ መንግሥት ጋር እስከ ልተቃረነ ድረስ ተፈጻሚነቱ ይቀጥላል።

፬. አዋጁ የሚፀናበት ጊዜ

ይህ ማጽደቅ አዋጅ ከተሻሻለው ሕገ መንግሥት ጋር ከጥቅምት ፲፯ ቀን ፲፱፻፺፩ ዓ.ም ጀምሮ የፀና ይሆናል።

አዳማ ጥቅምት ፲፯ ቀን ፲፱፻፺፩ ዓ.ም

ሱፊያን አሀመድ

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት

ምክትል ፕሬዚዳንት

2. Enforcement of the Revised Constitution of 2001

After thoroughly evaluating the contents and arrangements of Proclamation number 1 of 1995, the Revised Constitution of 2001 of the Oromia Region is hereby adopted.

3. Application of Prior Laws

All prior laws shall continue to apply unless they are inconsistent with the Revised Constitution.

4. Effective Date

This Enforcement Proclamation together with the Revised Constitution shall enter into force as of the 27<sup>th</sup> day of October 2001.

Done at Adama, this 27<sup>th</sup> day of October 2001

Sufian Ahmed

Vice President of Oromia Regional State

Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Bara 1994

Nuti Ummanni Oromoo sirni cunqursaa nuu fi saba, sablammootaa fi uummattoota biyyattii kanneen biroo irratti dagaagee ture mirga namummaa fi dimokraasummaa keenya ukkaamsee, imaatootaa diinagdee fi hawaasummaa sirrii hintaaneen nu xaxuun hiyyummaa fi duubatti hafummaatti nu kennee biyyuma keenya keessatti akka lammii lammataatti lakkaawwamuudhaan jireenya gadadoo akka dabarsinu nu gochuu isaa mormuu fi haala keessa hindeebineen akka sirraa'amanuudhaan sirnicha hundeedhaa buqqisnee kan ganne waan ta'eef;

Sirnichi erga kufeen boodas biyya keenyatti, fottoquu dabalatee, mirga hiree ofii ofiin murteeffachuu fi mirgootni namummaa fi dimokraasummaa hundumtuu kan itti kabajaman; walumaagalatti ol-aantummaan seeraa kan itti mirkanaa'e sirna dimokraatawaa federaalaa rippaablikaatiin gurmaa'uun faayidaa nuuf kennu hubachuudhan Heera mootummaa federaalaa waliin kan raggaasne waan ta'eef;

Nuti ummanni oromoos guddina saffisaa diinagdee, nageenya fulla'aa fi dimokraasii cimaatti kan geenyu Heera mootummaa dimokraatawaa federaala rippaablikaa bu'uura kan godhate, haala qabatamaa naannoo keenyaa wajjiin kan walsimatee fi mirgoota Heera mootummaatiin nuuf kennaman otoo hin hir'atin hojii irra oolfachuu Heera nu dandeessisu yoo qabaanne ta'uu amanuudhaan bakka bu'oota keenyaan Heera hanga ammaa hojii irra jiru Waxabajjii 15 bara 1987 raggaasuukeenya yaadachaa;

Heerri hojii irra jirus qajeelfama qoodama aangoo qaamota mootummaa fi wal too'annoo haala hordofuun, akkaataa hojii ifa ta'ee fi hirmaannaa uummaataa haala cimsuun, gurmaawina mootummaa gafatamaa ta'ee fi ga'umsa qabu bifa agarsiisuun, hirmaannaa uummataa bifa fooyya'een akkaataa mirkaneesuu fi haala qabatamaa biyyaa fi naannoon keenya keessa jiruu wajjiin bifa wal simatuun fooyya'ee bahuu kan qabu ta'uu amanuudhaan;

Har'a Onkoloolessa guyyaa 17 bara 1994 yaa'ii ariifachiisaa Caffee, Adaamaa irratti gooneen Heera kaayyoodhuma kanaaf fooyya'ee nu dhiyaate irratti mari'annee sagalee caalmaadhaan raggaasneera.

የተሻሻለው የ፲፱፻፺፬ ዓ.ም የኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት

እኛ የኦሮሞ ሕዝብ በእኛና በሌሎች ብሔር ብሔረሰቦችና ሕዝቦች ላይ ተንሰራፍቶ የነበረው የጭቆና ሥርዓት ሰብአዊና ዲሞክራሲያዊ መብቶቻችንን አፍኖ፣ በተዛቡ ኢኮኖሚያዊ ፖሊሲዎች በመተብተብ ለድህነትና ለኋላቀርነት ዳርጎን በገዛ ሀገራችን እንደ ሁለተኛ ዜጋ በመቁጠር የሰቆቃ ኑሮ እንድናሳልፍ ማድረጉን በመቃወምና በማያዳግም ሁኔታም መታረም እንዳለበት በማመን ሥርዓቱን ገርስሰን የጣልን በመሆኑ፤

ሥርዓቱ ከተገረሰሰ በኋላ በአገራችን የግለሰቦችና መላው ብሔሮች፣ ብሔረሰቦችና ሕዝቦች የራሱን ዕድል በራሱ የመወሰን መብት መገንጠልን ጨምሮ ሰብአዊና ዲሞክራሲያዊ መብቶች በሙሉ የተከበሩበትና በአጠቃላይ የሕግ የበላይነት የሰፈነበት የፌዴራላዊ ዲሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ ሥርዓት መገንባት የሚሰጠንን ጠቀሜታ በመገንዘብ ሕገ መንግሥታችንን በጋራ ያዕደቅን በመሆኑ፤

እኛም የኦሮሞ ሕዝብ ለተፋጠነ ኢኮኖሚያዊ ዕድገት፣ ለዘላቂ ሰላምና ለዳበረ ዲሞክራሲ የምንበቃው የኢትዮጵያ ፌዴራላዊ ዲሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ ሕገ መንግሥትን መሠረት ያደረገ፣ ከክልላችን ተጨባጭ ሁኔታ ጋር የተገናዘበና ሕገ መንግሥታዊ መብቶቻችንን ባልተሸራረፈ ሁኔታ ሥራ ላይ ለማዋል የሚያስችል ሕገ መንግሥት ሲኖረን መሆኑን በማመን ከመካከላችን መርጠን በላክናቸው ተወካዮች አማካይነት እስከ አሁን ፀንቶ ሥራ ላይ ያለውን ሕገ መንግሥት ሰኔ 15 ቀን ፲፱፻፹፯ ዓ.ም ማጽደቃችንን እያስታወስን፤

ይኸው በሥራ ላይ ያለው ሕገ መንግሥት የመንግሥት የሥልጣን ክፍፍልና የእርስ በርስ ቁጥጥር መርህን በሚከተል የአሠራር ግልጽነትና የሕዝብ ተሳትፎን በሚያጎለብት፣ ተጠያቂ የሆነና ብቃት ያለው የመንግሥት አደረጃጀት በሚያሳይ፣ የሕዝብ ተሳትፎን በተሻለ ሁኔታ በሚያረጋግጥና አገራችንና ክልላችንን ከሚገኙበት ተጨባጭ ሁኔታ ጋር በተገናዘበ መልኩ ተሻሽሎ መውጣት ያለበት መሆኑን በማመን፤

እነሆ ዛሬ ጥቅምት ፲፯ ቀን ፲፱፻፺፬ ዓ.ም በአዳማ ከተማ ባካሄድነው የክልሉ ጨፌ አስቸኳይ ጉባኤ የቀረበውን የተሻሻለ ሕገ መንግሥት መክረን በትና በዝርዝር ተወያይተንበት በአብላጫ ድምጽ አጽድቀንዋል።

The Oromia Regional State Revised Constitution of 2001

We the Oromo People:--

Cognizant of the fact that, we have paid enormous sacrifices, with other nations, nationalities and peoples of the country, to up root the oppressive system, which was imposed upon us and violated our human and democratic right, tided up with inaccurate economic policies and exposed us to poverty and backwardness and thereby threatened us as second class citizens;

Convinced that, following the downfall of the system, we approved our country's constitution with a necessity to build a federal democratic republic system, where the right to self determination including secession and the right of individuals, nations nationalities and peoples observed and rule of law prevailed;

Believing that, to achieve rapid economic development, lasting peace and security and developed democracy, the necessity to have a constitution based on the constitution of the Federal Democratic Republic of Ethiopia and, which takes into account the objective reality of our region and enable us to implement our constitutional right without any violation we remember that on June 22/1995 we proclaimed our constitution which is in force upto now;

Convinced that our constitution which is in force now, should be revised in accordance with the principle of separation of state power check and balance and transparency which can strengthen and ensure popular participation, reveal accountability and effective state structure and takes into account the objective reality of our region;

Have, therefore, after a through discussion, approved a revised constitution, by a majority vote at the extraordinary meeting of 'Caffee' Convened at Adama.

Boqonnaa Tokko Tumaalee

Waliigalaa

Keewwata 1

Moggaasa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Mootummaan caaseffamni isaa dimokraatawaa ta'eefi "Mootummaa Naannoo Oromiyaa" jedhamee waamamu Heera kanaan hundeeffameera.

Keewwata 2

Daangaa Oromiyaa

Naannoon Oromiyaa:

1. Qubsuma lafa walqabate kan ummatni Oromootii fi ummatootni Oromiyaa keessa jiraachuu filatan kan birootiis irra qubatan ta'ee; Kaabaan - naannoo Affaarii fi naannoo Amaaraatiin, Kiiibbaan - naannoo Ummatoota Kiiibba Itoophiyaatii fi Keenyaadhaan, Bahaan - naannoo Sumaaleetiinii fi Lixaan - naannoo Benishaanguli/Gumuz; naannoo Gaambellaa fi Sudaaniin kan daangeffamuu dha.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n kan tumame yoo jiraattellee, daangaawwan Oromiyaa naannota ollaa ishee wajjin qabdu, fedhii ummataa bu'uura godhachuudhaan, naannoo dhimmichi ilaaluu wajjiin waliigalteedhaan jijjiiramunni danda'a.
3. Akka keewwata kana keewwata xiqqaa 2<sup>th</sup> waliigalteerra ga'amuun yoo dadhabame akkataan Heera Ripaabilia Dimokraatawaa Federaalaa Itoophiyaa keewwata 48 tti, Mana Maree Federeeshinichaatiin kan murtaa'u ta'a.

Keewwata 3

Alaabaa fi Asxaa

1. Alaabaan fi Asxaan naannoo Oromiyaa eenyummaa uummata naannichaa, tokkummaa, sabboonummaa, gootummaa fi abbaa seenummaa akkasumas walitti hidhamiinsa dinagdee kan calaqqisiisu ta'a. Alaabaan naannichaa garraan diimaa, gidduun adii, jalaan gurraacha ta'ee gidduu isaa irratti mallattoo odaa ni qabaata.
2. Asxaan naannichaa keessa isatti mallattoo odaa, jalallii qama-dii fi giirii warshaa ni qabaata.
3. Tartiibni Alaabaa fi Asxaa seeraan murtaa'a.

Keewwata 4

Faaruu

Naannoon Oromiyaa, seenaa gootummaa fi qabsoo haqaa uummata Oromoo bara dheeraaf ture akkasumas injifannoo argame kan agarsii-suu fi hawwii jireenya fooyya'aaf qabu faaruu calaqqisiisu ni qabata. Tartiiboni isaa seeraan murtaa'a.

ምዕራፍ አንድ

ጠቅላላ ድንጋጌዎች

አንቀጽ ፩

የክልሉ መንግሥት ስያሜ

“የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት” ተብሎ የሚጠራ ዲሞክራሲያዊ መዋቅር ያለው መንግሥት በዚህ ሕገ መንግሥት ተመሥርቷል።

አንቀጽ ፪

የኦሮሚያ ክልል ወሰን

- ፩. የኦሮሚያ ክልል የኦሮሞ ሕዝብና ሌሎች በኦሮሚያ ውስጥ ለመኖር የመረጡ ሕዝቦች የሰፈሩበት የተያያዘ መልክዳምድር ሆኖ፤ በሰሜን— ከአፋርና ከአማራ ክልሎች፤ በደቡብ— ከደቡብ ብሔር- ብሔረሰቦችና ሕዝቦች ክልልና ከኬንያ፤ በምሥራቅ— ከሱማሌ ክልልና በምዕራብ— ከቤንሻንጉል ጉሙዝ ክልል፤ ከጋምቤላ ክልልና ከሱዳን የሚዋሰን ነው።

፪. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) የተደነገገው ቢኖርም የኦሮሚያ ክልል ከሌሎች አገራባች ክልሎች ጋር ያለው ወሰን የሕዝቦችን ፍላጎት መሠረት በማድረግ ከሚመለከተው ክልል ጋር በሚደረግ ስምምነት ሊለወጥ ይችላል።

፫. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፪) መሠረት ስምምነት ላይ መድረስ ካልተቻለ የኢትዮጵያ ፌዴራላዊ ሪፐብሊክ ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፬ በሚደነገገው መሠረት በፌዴሬሽን ምክር ቤት የሚወሰን ይሆናል።

አንቀጽ ፫

ሰንደቅ አላማና አርማ

፩. የኦሮሚያ ክልል ሰንደቅ አላማና አርማ የክልሉን ሕዝብ ማንነት፣ ለ-አላዊነት፣ አንድነት፣ ብሔራዊ ኩራት፣ ጀግንነትና ታሪክ እንዲሁም የኢኮኖሚ ትስስር የሚያንፀባርቅ ይሆናል። የክልሉ ሰንደቅ አላማ ከላይ ቀይ፣ ከመሃል ነጭ፣ ከታች ጥቁር ሆኖ በመሃሉ የአዳ ምልክት ይኖረዋል።

፪. የክልሉ አርማ በውስጡ የዋርካ፣ የሰንደዬ ዘለላና የፋብሪካ ጊር ምልክት ይኖረዋል።

፫. የሰንደቅ አላማውና የአርማው ዝርዝር በሕግ ይወሰናል።

አንቀጽ ፬

መዝሙር

የኦሮሚያ ክልል የኦሮሞን ሕዝብ የረዥም ዘመን የጀግንነትና የፍትሕ ታሪክ እንዲሁም የተገኘውን ድል የሚያሳይና ለተሻለ ኑሮ ያለውን ምኞት የሚያንጸባርቅ የራሱ መዝሙር ይኖረዋል። ዝርዝሩ በህግ ይወሰናል።

Chapter One

General Provisions

Article 1

Nomenclature of the Regional State

This Constitution hereby establishes a democratic regional state structure called "The Regional State of Oromia."

Article 2

Borders of the Oromia Region

1. The Oromia Region is the uninterrupted territory inhabited by the people of the Oromo Nation and Other peoples who made a choice to live in the Region the borders of which are:

- to the North - The Afar and the Amhara Regions
- to the South - The Region of the Southern Nations, Nationalities and Peoples
- to the East - the Ethiopian Somali Region; and
- to the West - the Benishangul/Gumuz, the Gambella Peoples Regions and the Sudan

2. Notwithstanding, the provisions of sub-Article (1) of this Article, the current borders of the Oromia Region may be reviewed having regard to the interests of the people of the Oromo Nation and other peoples residing in the territories bordering Oromia and in due consultation with the concerned Regional States.

3. Where a border issue cannot be resolved in the manner specified under sub-Article (2) of this Article, it shall be submitted to and decided by the House of the Federation in accordance with Article 48 of the Federal Democratic Republic of Ethiopia.

Article 3

The Flag and the Emblem

1. The Flag and the Emblem of the Oromia Regional State shall symbolize and reflect the identity, sovereignty, unity, national pride, patriotism, history and the economic union. The region's flag shall have the colours red at the top, white at the middle and black at the bottom with the sign of Oda in the middle.

2. The Emblem of the Regional state shall have the symbol of Oda, Wheat and, Factory Gear within itself

3. Details of the Flag and Emblem shall be determined by law.

Article 4

The Anthem

Oromia Regional state shall have its own anthem, which reflects the long-standing history of patriotism, justice, sacrifices paid to achieve the hard-won victory and the hope for a better life of the Oromo people. The details shall be determined by law.

Keewwata 5  
Afaan Hojii

Afaan Oromoo afaan hojii mootummaa naannoo Oromiyaati. Kan barreeffamuuniis qubee afaan Oromootiin taha.

Keewwata 6

Magaalaa Muummittii

Magaalaa muummittiin Oromiyaa Adaamaa dha.

Keewwata 7

Akkaataa Ibsa Saalaa

Heera kana keessatti jechi saala dhiiraatiin tumame, akkuma barbaachisumaa isaatti saala dubartiis ni dabalata.

Boqonnaa Lama Qajeelfamoota

Bu'uuraa Heerichaa

Keewwata 8

Abbaa Taayitummaa

Ummatichaa

Ummatni Oromoo abbaa taayitaa ol'aanaa mootummaa naannichaa yemmuu ta'u ol'aantummaan ummatichaa kan ibsamu bakka bu'oota filatuuniifi ofii isaa tiinis kallattiidhaan hirmaannaa dimokiraatawaa godhuuni.

Keewwata 9

Ol'aantummaa Heerrichaa

Ol'aantummaan Heera Ripaablaka Diimokraatawaa Federaala Itoophiyaa akkuma eegametti tahee:

1. Heerri kun seera ol'aanaa naannichaati. Seerri kamiyyuu, akkaataan hojii muuxannoo dhaan argame, yookiin murteen qaama mootummaa yookiin abbaa taayitaa kamiyyuu, Heera kanaan kan wal-falleessu yoo tahe, rawwatamummaa hinqabaatu.
2. Jiraataan naannichaa, qaamotni mootummaa, dhaabbatootni siyaasaa fi waldayoanni biroo kamiyyuu, akkasumas hogganooni isaanii Heera kana kabajuu fi kabachiisuuf dirqama qabu.
3. Akkaataa Heera kanaan tumaameen alatti, haaluma kamiiniyyuu, taayitaa mootummaa qabachuun dhowwaadha.

Keewwata 10

Mirgoota Namoomaa fi

Dimokraasummaa

1. Mirgootni namoomaa fi bilisummaa, uumama ilma namaa irraa kan maddan kan hin cabnee fi hin mulqamnee dha.
2. Mirgootni namoomaa fi dimokraasummaa namtokkeefi uummattootaa kan kabajamanii dha.

አንቀጽ ፩

የሥራ ቋንቋ

አሮሞኛ የክልሉ መንግሥት የሥራ ቋንቋ ይሆናል፤ የሚጻፈውም በላቲን ፊደል ነው።

አንቀጽ ፪

ርዕስ ከተማ

የአሮሚያ ክልል ርዕስ ከተማ አዳማ ነው።

አንቀጽ ፫

የጾታ አገለገል

በዚህ ሕገ መንግሥት ውስጥ በወንድ ጾታ የተደነገገው እንደአግባብነቱ የሴት ጾታንም ያካትታል።

ምዕራፍ ሁለት

የሕገ መንግሥቱ መሠረታዊ መርሆዎች

አንቀጽ ፬

የሕዝቡ የሥልጣን ባለቤትነት

የአሮሞ ሕዝብ የበላይ ሥልጣን ባለቤት ሲሆን፣ የህዝቡ የበላይነትም የሚገለጸው በሚመርጣቸው ተወካዮችና ራሱ በሚያደርገው ዲሞክራሲያዊ ተሳትፎ ነው።

አንቀጽ ፵

የህገ መንግሥት የበላይነት

የኢትዮጵያ ፌዴራላዊ ዲሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ ህገ መንግሥት የበላይነት እንደ ተጠበቀ ሆኖ፡-

- ፩. ይህ ሕገ መንግሥት የክልሉ የበላይ ህግ ነው። ማንኛውም ሕግ፣ ልማዳዊ አሠራር ወይም የመንግሥት አካል ወይም ባለስልጣን ውሳኔ ከዚህ ሕገ መንግሥት ጋር የሚቃረን ከሆነ ተፈጻሚነት አይረወም፤
- ፪. ማንኛውም የክልሉ ነዋሪ፣ የመንግሥት አካል፣ የፖለቲካ ድርጅት ሌሎች ማህበራት እንዲሁም ባለስልጣናቸው ይህን ህገ መንግሥት የማክበርና የማስከበር ሃላፊነት አለባቸው፤
- ፫. በዚህ ሕገ መንግሥት ከተደነገገው ውጪ በማናቸውም አኳኋን የመንግሥት ስልጣን መያዝ የተከለከለ ነው።

አንቀጽ ፲

ሰብአዊና ዲሞክራሲያዊ መብቶች

- ፩. ሰብአዊ መብቶችና ነጻነቶች ከሰው ልጅ ተፈጥሮ የሚመነጩ የማይጣሱና የማይገፈፉ ናቸው።
- ፪. የግለሰቦችና የሕዝቦች ሰብአዊና ዲሞክራሲያዊ መብቶች የተከበሩ ናቸው።

Article 5

Working Language

Oromo language shall be the working language of the Regional State. It shall be written in the Latin Alphabet.

Article 6

Capital City

Adama Shall be the Capital City of the Regional State of Oromia.

Article 7

Gender Reference

Where the provisions of this Constitution are set out in the masculine gender they shall apply, mutatis mutandis to the feminine gender.

Chapter Two

Fundamental Principles of the Constitution

Article 8

Sovereignty of the People

Sovereign power in the region resides in the people of the Oromo Nation and the sovereignty of the people is exercised through their elected representatives and direct democratic participation.

Article 9

Supremacy of the Constitution

Without prejudice to the supremacy of the Constitution of the Federal Democratic Republic of Ethiopia:

1. This Constitution is the supreme law of the Regional State. Any law, customary practice or any act of an agency of government or official that contravenes the provisions of this Constitution is null and void.
2. Residents of the Region, government organs, political organizations and other associations are bound by this Constitution. They also have the duty to ensure its observance.
3. It is prohibited to assume state Power in any manner other than that provided under this Constitution.

Article 10

Human and Democratic Rights

1. Human rights and freedom, which are inherent in the dignity of the human person, are inviolable and inalienable.
2. Human and democratic rights of individuals and peoples shall be respected.

Keewwata 11  
Gargar Bahūnsa Mootummaa fi  
Amantii

1. Mootummaanfi amantiin gar-aa-garaa dha.
2. Amantiin kan Mootummaa ta'e hin jiraatu.
3. Mootummaan dhimma amantii keessa hin seenu. Amantiinis dhimma mootummaa keessa hin seenu.

Keewwata 12  
Akkaataa Hojii Mootummaa fi itti  
Gaafatamummaa

1. Hojiin mootummaa akkaataa ummataa ifa ta'een raawwata-muu qaba.
2. Ummatichi bakka bu'aa filater-ratti ennaa amantii dhabu, iddoo isaatii kaasuu ni danda'a; tarreeffamni isaatiis seeraan murteeffama.
1. Itti gaafatamaan hojii kamiyyuu yookiin filatamaan ummataa itti gaafatamummaa isaa yoo hir'ise itti gaafatama.

Boqonnaa Sadii  
Mirgootaa fi Bilisummaawwan  
Bu'uuraa

Keewwata 13  
Raawwatamummaa fi Akkaataa  
Hiikkaa

1. Qaamotni seera tuman, seera raawwachiisanii fi abbaa seerummaa mootummaa naannichaa sadarkaa kamittuu argaman, tumaalee boqonnaa kana keessatti barreeffaman kabajuu fi kabajsiisuuf itti gaafatamaafi dirqama qabu.
2. Tumaaleen mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uuraa boqonnaa kana keessatti tarreeffaman kan hiikaman, tumaalee mirgootaa namummaa guutuu addunyaa, waliigaltewwan fi sanadoota mirgoota namummaa guutuu addunyaa Itoophiyaan fudhattee wajjiin karaa wal-simataa ta'a.

Kutaa Tokko

Mirgoota Namoomaa

Keewwata 14

Mirga Lubbuun Jiraachuu

Nageenya Qaamaa fi Bilisummaa  
Namni kamiyyuu namooma isaatiin mirgaa fi bilisummaa lubbuun jiraachuu fi nageenya qaamaa kan hintuqamne fi hinmulqamne qaba.

Keewwata 15

Mirga Lubbuun Jiraachuu

Namni kamiyyuu, lubbuudhaan jiraachuudhaaf mirga qaba. Namni kamiyyuu, adaba yakkaa ulfaataa seeraan tumameen malee, lubbuu isaa hin dhabu.

Keewwata 16

Mirga Nageenya Qaamaa

Namni Kamiyyuu, qaama isaarra miidhaan akka hin geenye eegamuudhaaf mirga qaba.

Keewwata 17

Mirga Bilisummaa

1. Namni Kamiyyuu, sirna seeraan tumameen alatti, bilisummaa isaa hin dhabu.
2. Namni Kamiyyuu, sirna seeraan tumameen alatti qabamuu, osoo himatni itti hin dhiyaatin yookin itti hin murt-aayin hidhamuu hin danda'u.

አንቀጽ ፲፩  
የመንግሥትና የሀይማኖት መለያየት

- ፩. መንግሥትና ሀይማኖት የተለያዩ ናቸው።
- ፪. መንግሥታዊ ሀይማኖት አይኖርም።
- ፫. መንግሥት በሀይማኖት ጉዳይ ጣልቃ አይገባም፤ ሀይማኖትም በመንግሥት ጉዳይ ጣልቃ አይገባም።

አንቀጽ ፲፪

የመንግሥት አሠራርና ተጠያቂነት

- ፩. የክልሉ መንግሥት አሠራር ለህዝብ ግልፅ በሆነ መንገድ መከናወን አለበት።
- ፪. ሕዝቡ በመረጠው ተወካይ ላይ እምነት ባጣ ጊዜ ከቦታው ሊያነሳው ይችላል፤ ዝርዝሩ በህግ ይወሰናል።
- ፫. ማንኛውም የሥራ ሃላፊ ወይም የሕዝብ ተመራጭ ሃላፊነቱን ሲያንድል ተጠያቂ ይሆናል።

ምዕራፍ ሦስት

መሠረታዊ መብቶችና ነጻነቶች

አንቀጽ ፲፫

ተፈጻሚነትና አተረጎጥም

- ፩. በማንኛውም ደረጃ የሚገኙ የክልሉ መንግሥት የሕግ አውጪ፣ የሕግ አስፈጻሚና የጻገነት አካሎች በዚህ ምዕራፍ የተጻፉትን ድንጋጌዎች የማክበርና የማስከበር ኃላፊነትና ግዴታ አለባቸው።
- ፪. በዚህ ምዕራፍ የተዘረዘሩት መሠረታዊ መብቶችና ነጻነቶች ኢትዮጵያ ከተቀበለችው ዓለም አቀፍ የሰብአዊ መብት ሕግጋት፣ ከዓለም አቀፍ የሰብአዊ መብቶች ስምምነቶችና ከሌሎች ዓለም አቀፍ ሰነዶች መርሆዎች ጋር በተጣጣመ መንገድ ይተረጎማሉ።

ክፍል አንድ

ሰብአዊ መብቶች

አንቀጽ ፲፬

የሕይወት፣ የአካል ደህንነትና

የነጻነት መብት

ማንኛውም ሰው ሰብአዊ በመሆኑ የማይደፈርና የማይገሰስ በሕይወት የመኖር፣ የአካል ደህንነት መብትና ነጻነት አለው።

አንቀጽ ፲፭

በሕይወት የመኖር መብት

ማንኛውም ሰው በሕይወት የመኖር መብት አለው። ማንኛውም ሰው በሕግ በተደነገገ ከባድ የወንጀል ቅጣት ካልሆነ በስተቀር ሕይወቱን አያጣም።

አንቀጽ ፲፮

የአካል ደህንነት መብት

ማንኛውም ሰው በአካሉ ላይ ጉዳት እንዳይደርስበት የመጠበቅ መብት አለው።

አንቀጽ ፲፯

የነጻነት መብት

- ፩. በሕግ ከተደነገገው ሥርዓት ውጭ ማንኛውም ሰው ነጻነቱን አያጣም።
- ፪. ማንኛውም ሰው በሕግ ከተደነገገው ሥርዓት ውጭ ሊያዝ፣ ከስ ሳይቀር ብብት ወይም ሳይፈረድበት ሊታሰር አይችልም።

Article 11

Separation of State and Religion

1. State and religion are separate.
2. There shall be no state religion.
3. Government may not interfere in the conduct or practice of any religion nor religion in the affairs of government.

Article 12

Conduct and Accountability of Government

1. The conduct of the affairs of the state shall be public and transparent.
2. An elected representative may be recalled where the electorate loses confidence in him. The procedure shall be determined by law.
3. A public official or an elected representative shall be accountable for any dereliction of the duties of office.

Chapter Three

Fundamental Rights

and Freedoms

Article 13

Application and Interpretation

1. Legislative, executive and judicial organs of the Regional State at all levels shall have the responsibility and obligation to respect and enforce the provisions of this Chapter.
2. The fundamental rights and liberties contained in this chapter shall be interpreted in conformity with the international human rights laws, humanitarian conventions and principles of other relevant international instruments that have been accepted or ratified by Ethiopia.

Part One

Human Rights

Article 14

Liberty and the Security of the Person

Everyone, as a person, has an inviolable and inalienable rights to life, liberty and security.

Article 15

Rights to Life

Every one has the rights to life. No one shall be deprived of his life unless he is convicted of having committed a serious offence provided for by the law.

Article 16

Right to Security of the Person

Everyone enjoys the rights to be protected from any form of bodily harm.

Article 17

Right to Liberty

1. No one shall be deprived of his liberty without due process of law.
2. No one may be subjected to arbitrary arrest or detention without a criminal charge or conviction.

keewwata 18  
Karaa Farra Namoomaa Ta'een  
Qabamuun Dhoorkamuu Isaa

1. Namni kamiyyuu, qabamii-nsa yookiin adaba hammeeny-aa guutame kan farra namoomaa tahe yookiin kan ulfina isaa salphisuu, irraa mirga eeggamuu ni qabaata.
2. Namni Kamiyyuu, gabrumm-adhaan yookiin dirqamaan akka tajaajilu qabamuu hin danda'u. Kaayyoo fi haala kamiifiyyuu, gochi namaan dald-aluu dhoorkaa dha.
3. Namni Kamiyyuu, humnaan dirqiisamee yookiin dirq-ama guutuudhaaf, hojii kamiyyuu akka hojjetu gochuun dhoorkaa dha.
4. Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 keessatti "humnaan dirqiisamee yookiin dirq-ama guutuudhaaf" jechi jedhu haallan armaan gadii of keessaa hin qabu:
  - a) Hidhamaan kamiyyuu yeroo hidhamee jiru akka hojjetu seeraan kan murteeffame yookiin adaba daangeffameen ennaa gadi lakkifame hojii hojjetu kamiyyuu;
  - b) Namni tajaajila loltummaa kennuudhaaf sammuu isaa hin hayyamneef kamiyyuu tajaajila bakka kanaa kennu;
  - c) Lubbuu yookiin nageenya hawwaasichaatiif kan yaadde-ssu haalli yeroo ariifachiis-aa yookiin balaan ennaa mudatu tajaajila kennamu kamiyyuu;
  - d) Hojii misooma diinagdeetii fi hawaasummaa hayyama um-mata dhimmi ilaaluutiin raa-wwatamu kamiyyuu:—

Keewwata 19  
Mirga Nama Qabamee

1. Namni kamiyyuu yakka raaw-wate jedhamee ennaa qab-amu himatni irratti dhiyaa-tee fi sababiin qabameef hogg-uma sana afaan isaa galuun itti himama.
2. Namni qabame, himata itti dhihaate dhimma ilaalurratti dubbachuu dhiisuudhaaf mir-ga qabaachuu isaa yoo dubb-achuu filate ammoo jechi isaa mana murtiitti ofii isaarratti ragaa tahee dhihaachuu dand-a'uu isaa afaan isaa galuun yeroodhuma qabamusaa ni ib-samaaf.
3. Namni qabame, sa'aatii 48 keessatti mana murtiitti dhiy-aachuuf mirga qaba. Yeroon kuniis namoota bakka itti qab-aman irraa gara mana murtii geessuudhaaf tilmaama sirrii ta'een yeroo fudhatu hin daba-latu. Akkuma mana murtiitti dhiyaateen, yakka itti shakka-meef sababni gahaan hidhaa-dhaaf isa geessisu jiraachuun isaa, addaan bahee akka ibsa-muuf mirga qaba.

አንቀጽ ፲፰

ኢ-ሰብአዊ አያያዝ ስለመከላከል

- ፩. ማንኛውም ሰው ጭካኔ ከተሞላበት ኢ-ሰብአዊ ከሆነ ወይም ክብሩን ከሚያዋርድ አያያዝ ወይም ቅጣት የመጠበቅ መብት አለው።
- ፪. ማንኛውም ሰው በባርነት ወይም በግዴታ አገልጋይነት ሊያዝ አይችልም። ለማንኛውም ዓላማና ሁኔታ በሰው የመነገድ ተግባር የተከለከለ ነው።
- ፫. ማንኛውም ሰው በኃይል ተገዶ ወይም ግዴታን ለማሟላት ማንኛውንም ሥራ እንዲሠራ ማድረግ የተከለከለ ነው።
- ፬. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፫) “በኃይል ተገዶ ወይም ግዴታን ማሟላት” የሚለው ሀረግ የሚከተሉትን ሁኔታዎች አያካትትም፤
  - ሀ) ማንኛውም እሥረኛ በእሥር ባለበት ጊዜ በሕግ መሠረት እንዲሠራ የተወሰነውን ወይም በገደብ ከእሥር በተለቀቀበት ጊዜ የሚሠራውን ማንኛውም ሥራ፤
  - ለ) ማንኛውም ወታደራዊ አገልግሎት ለመስጠት ሕሊናው የማይፈቅድለት ሰው በምትኩ የሚሰጠው አገልግሎት፤
  - ሐ) የማህበረሰቡን ሕይወት ወይም ደህንነት የሚያስጋ የአስቸኳይ ጊዜ ሁኔታ ወይም አደጋ በሚያጋጥምበት ጊዜ የሚሰጥን ማንኛውም አገልግሎት፤
  - መ) በሚከተለው ሕዝብ ፈቃድ በአካባቢው የሚፈጸምን ማንኛውም የኢኮኖሚና የማገባበራዊ ልማት ሥራ።

አንቀጽ ፲፱

የተያዘ ሰው መብት

- ፩. ማንኛውም ሰው ወንጀል ፈጽሟል ተብሎ በሚያዘበት ጊዜ የቀረበበት ክስና የተያዘበት ምክንያት በሚገባው ቋንቋ ወዲያውኑ ይነገረዋል።
- ፪. የተያዘ ሰው የተከሰሰበትን ጉዳይ በተመለከተ ያለመናገር መብት ያለው መሆኑ፤ ለመናገር ከመረጠ ደግሞ የሚሰጠው ቃል በፍርድ ቤት በራሱ ላይ በማስረጃነት ሊቀርብበት እንደሚችል መረዳት በሚችለው ቋንቋ እንደተያዘ ወዲያውኑ ይገለጻለታል።
- ፫. ማንኛውም የተያዘ ሰው በተያዘ በአርባ ስምንት ሰዓት ውስጥ ፍርድ ቤት የመቅረብ መብት አለው። ይህም ጊዜ ሰዎቹ ከተያዙበት ቦታ ወደ ፍርድ ቤት ለማምጣት አግባብ ባለው ግምት የሚጠይቀውን ጊዜ አይጨምርም። ወዲያውኑ ፍርድ ቤት እንደቀረበ በተጠረጠረበት ወንጀል ለመታሠር የሚያበቃ ምክንያት ያለ መሆኑ ተለይቶ እንዲገለጽለት መብት አለው።

Article 18

Right to Human Treatment

1. No one shall be subjected to torture or crule or in human or degrading treatment or punishment.
2. No one shall be held in slavery or servitude. Trafficking in human beings is strictly prohibited in all its forms.
3. No one shall be required to perform forced or compulsory labour.
4. For the purpose of sub-Article (3) of this Article, the expression “forced or compulsory labour” shall not include:
  - a) any work to be done in the ordinary course of detention imposed according to the law or during conditional release from such detention;
  - b) any service of a military character, in the case of conscientious objectors, service exacted in lieu of compulsory military service;
  - c) any service exacted in case of an emergency or a calamity threatening the life or safety of the community; and
  - d) any voluntary economic or social service rendered to the community in the locality.

Article 19

Right of Arrested

Person

1. Anyone arrested on a criminal charge shall be informed promptly of the particulars of the charges and the reasons of his arrest in language he understands.
2. Any arrested person shall be informed, in a language he understands, of his right to remain silent and shall further be notified that any statement he may give may be used as evidence against him in a court.
3. An arrested person shall appear before a court of law within the next forty eight hours of his arrest, excluding the time required under the circumstances for the journey from the place of arrest to the court, and shall be entitled to explanation of the reasons of his arrest.

- 4. Qaamni yookiin seera kabachiisaan isa qabe kamiyyuu yeroo murtaa'e keessatti mana murtiitti dhiyeessuudhaan sababa qabameef yoo hin ibsine, manni murtichaa bilisummaa qaama isaa akka kabachiisuuf gaafachuu dhaaf mirga bira hin dabramne qaba. Ta'us, haqni akka hin hir'anne haalichi kan gaafatu yoo tahe, manni murtichaa, namni qabame sun eegumsa jala akka turu ajajuuf yookiin qorannoo adeemsiisuuf dabaltni yeroo ennaa gaafatamu hanga barbaachisaa tahe qofa hayyamuu ni danda'a. Manni murtichaa, qorannoo dhaaf dabalata yeroo barbaachisu ennaa murteessu, itti gaafatamaa kan tahan abbootiin taayitaa seera kabachiisan qorannoo calalanii, namichi qabame hanga danda'ameetti daddaffiidhaan mana murtiitti dhiyaachuuf mirga qabu kan kabachiisu tahuu qabu.
- 5. Namni kamiyyuu ofii isaarratti ragummadhaan dhiyaachuu kan danda'u jecha amantaa akka kennu yookiin ragaa kamiyyuu akka fidu hin dirqisiisamu. Ragaan dirqisiisuudhaan argame fudhatama hin qabaatu.
- 6. Namni qabame wabiidhaan hiikamuuf mirga qaba. Ta'us haallan addaa seeraan tumamaniin manni murtii wabummaa fudhachuu dhiisuu yookiin daangeffamaan hiikamuu dabalatee mirkaneessaan wabummaa gahaa tahe akka dhiyaatu ajajuu ni danda'a.

**Keewwata 20**

**Mirga Nama Himatamee**

- 1. Namni himatame, erga himatni irratti dhiyaateen booda, yeroo gabaabaa malu keessatti mana murtii idileetti dhaddacha ummataaf ifa tahetti dhagayamuudhaaf mirga qaba. Ta'us jireenya dhuunfa falmattoota, haala hamilee ummatichaatii fi nageenya biyyattii yookiin naannoodhaa eeguudhaaf jecha qofa, falmichi dhaddacha cufaatiin dhagayamuu ni danda'a.
- 2. Himatichis, tarreeffama gahaa taheen akka isatti himamuu fi himatichas barreeffamaan argachuuf mirga qaba.
- 3. Himatamaan kamiyyuu, yakka ittiin himatameef falmiirra yeroo jiru, akka nama balleessaa hin qabneetti lakkaawaamuuf mirga qaba. Himata isatti dhihaaterrattis ragummadhaan dhiyaachuuf akka hin dirqisiifamne mirga qaba.

፬. ማንኛውም የያዘው አካል ወይም የሕግ አስከባሪ በጊዜ ገደቡ መሠረት ፍርድ ቤት በማቅረብ የተያዘበትን ምክንያት ካላስረዳ ፍርድ ቤቱ የአካል ነፃነቱን እንዲያስከብርለት መጠየቅ ሊጣስ የማይችል መብት አለው። ሆኖም ፍትሕ እንዳይጓደል ሁኔታው የሚጠይቅ ከሆነ፣ ፍርድ ቤቱ የተያዘው ሰው በጥበቃ ሥር እንዲቆይ ለማዘዝ ወይም ምርመራ ለማካሄድ ተጨማሪ ጊዜ ሲጠይቅ አስፈላጊ በሆነ መጠን ብቻ ሊፈቅድ ይችላል። ፍርድ ቤቱ የሚያስፈልገውን ተጨማሪ የምርመራ ጊዜ የሚወስነው ኃላፊ የሆኑት ሕግ አስከባሪ ባለሥልጣናት ምርመራውን አጣርተው የተያዘው ሰው በተቻለ ፍጥነት ፍርድ ቤት እንዲቀርብ ያለውን መብት በሚያስከብር መልኩ መሆን አለበት።

፭. ማንኛውም ሰው በራሱ ላይ በማስረጃነት ሊቀርብ የሚችል የእምነት ቃል እንዲሰጥ ወይም ማናቸውንም ማስረጃ እንዲያመጣ አይገደድም። በማስገደድ የተገኘ ማስረጃ ተቀባይነት አይኖረውም።

፮. የተያዘ ሰው በዋስ የመፈታት መብት አለው። ሆኖም በሕግ በተደነገጉ ልዩ ሁኔታዎች መሠረት ፍርድ ቤቱ ዋስትና ላለመቀበል ወይም በገደብ መፈታትን ጨምሮ በቂ የሆነ የዋስትና ማረጋገጫ እንዲቀርብ ለማዘዝ ይችላል።

**አንቀጽ ፳**

**የተከሰሰ ሰው መብት**

- ፩. የተከሰሰ ሰው ክስ ከቀረበበት በኋላ ተገቢ በሆነ አጭር ጊዜ በመደበኛ ፍርድ ቤት ለሕዝብ ግልጽ በሆነ ችሎት የመሰማት መብት አለው። ሆኖም የተከራካሪዎችን የግል ሕይወት፣ የሕዝቡን የሞራል ሁኔታ ወይም የአገሪቱን ወይም የክልሉን ደህንነት ለመጠበቅ ሲባል ብቻ ክርክሩ በዝግ ችሎት ሊሰማ ይችላል።
- ፪. የተከሰሰ ሰው ክሱ በቂ በሆነ ዝርዝር እንዲነገረውና ክሱን በጽሑፍ የማግኘት መብት አለው።
- ፫. ማንኛውም ተከሣሽ በፍርድ ሂደት ጊዜ በተከሰሰበት ወንጀል እንደጥፋተኛ ያለመቆጠር መብት አለው። በምስክርነት እንዲቀርብም ያለመገደድ መብት አለው።

4. Every one has the right to petition a court for a writ of habeas corpus, a right no one can deny, where the arresting officer or another authority fails to bring him before a court of law and give the reasons for his arrest. The court may, where the interest of justice requires, order the arrested person to remain in custody no longer than the time required in order to carry out the necessary investigations aimed at establishing the facts. In determining the time necessary for investigation, the court shall take into account whether the responsible authorities are carrying out investigation with diligence in order to guarantee the right of the arrested person to a speedy trial.

5. No one shall be compelled to make confessions or produce evidence, which could be used as evidence against him. Statements obtained under coercion shall not be admitted as evidence.

6. An arrested person has the right to be released on bail; However, the court may, in exceptional cases prescribed by law, deny bail or demand adequate guarantee for the conditional release of the arrested person.

**Article 20**

**Rights of Accused Person**

- 1. Everyone has right to a public trial before an ordinary court of law within a reasonable time of having been charged. A court may hear cases in camera in order to protect the rights to privacy of the parties concerned, public morals or the security of the country or the Regional state.
- 2. An accused person shall have the right to be informed, with sufficient particulars of the charge made against him and to be given the charge in writing.
- 3. An accused person shall be presumed innocent and may not be compelled to testify against himself during his trial.

- 4. Namni himatame, ragaa isa irratti dhiyaate kamiyyuu ilaalu, shayidaa isa irratti dhiyaate gaafachuu, ofirraa ittisuu ragaa isa dandeessisu dhiyeeffachuu yookiin dhiyeessisuu, akkasumas shayidootni isaa dhiyaatanii akka isaaf dhagahaman gaafaachuuf mirga qaba.
- 5. Namni himatame, abukaatoo filateen bakka bu'amu, yookkii abukaatoo ofii dhaabbchuuf dandeettii yoo hin qabaannee fi haalli haqni itti hir'atuu dand'u ennaa mudatu, mootummaa irraa abukaatoo argachuuf mirga qaba.
- 6. Ajaja yookiin murtee manni murtii falmicha ilaale kenne irratti himatamaan komii yoo qabaate ol-iyyata mana murtii aangoo qabutti dhiyeeffachuuf mirga qaba.
- 7. Falmiin affaan isaaf hin galleen ennaa adeemsisamu, baasii motummaatiin, falmichi akka hii-kamuuf gaafachuuf mirga qaba.

**Keewwata 21**

**Mirga Nama to'annoo Jala Jiruu fi Murtiidhaan Hidhamee**

- 1. Namni to'annoo jala jiru yookiin murtiidhaan hidhame, haallan kabajaa namummaa isaa eeguun eegamuuf mirga qaba.
- 2. Namni hidhme kamiyyuu haadhawarraa wajjin, firoota aantee, hiriyoota, gorsitoota amantii isaa, waldhaantotaa fi gorsitoota seeraa isaa wajjiin walquunnamuu fi akka daawwatamu carraa argachuuf mirga qaba.

**Keewwata 22**

**Seerri Yakkaa Booddeetti Deeb-  
Yee kan Hin Hojjanne Ta'uu  
Isaa**

- 1. Namni kamiyyuu, himatni yakkaa yommuu irratti dhiyaatu, gochi ittiin himatame yeroo raawwatametti gochicha raawwachuun yookiin raawwachu dhiisuun yakka tahuun isaa seeraan kan tumame yoo tahe malee, hin adabamu. Akkasumas, yeroo yakkichi raawwatametti yakkichaaf adabbii ol-anaa daangeffameen olitti, adabiin ulfaataan nama kamiyyuu irratti hin murteeffamu.
- 2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) itti kan ibsame yoo jiraatelle, gochichi erga rawwatamee booda seerri bahe nama himatameef yookiin adabameef kan fayyadu tahee yoo argame, seerri gochasanaan booda bahe raawwatamummaa ni qabaata.

፬. የተከሰሰ ሰው የቀረበበትን ማንኛውም ማስረጃ የመመልከት፣ የቀረቡበትን ምስክሮች የመጠየቅ፣ ለመከላከል የሚያስችለውን ማስረጃ የማቅረብ ወይም የማስቀረብ እንዲሁም ምስክሮቹ ቀርበው እንዲሰሙለት የመጠየቅ መብት አለው።

፭. የተከሰሰ ሰው በመረጠው የሕግ ጠበቃ የመወከል ወይም ጠበቃ ለማቆም አቅም ከሌለውና ፍትህ ሊጓደል የሚችልበት ሁኔታ ካጋጠመ ከመንግሥት ጠበቃ የማግኘት መብት አለው።

፮. ክርክሩ በሚታይበት ፍርድ ቤት በተሰጠበት ትዕዛዝ ወይም ፍርድ ላይ ተከላኝ ቅሬታ ካለው ሥልጣን ላለው ፍርድ ቤት ይግባኝ ለማቅረብ ይችላል።

፯. ተከላኝ የፍርድ ሂደት በማይገባው ቋንቋ በሚካሄድበት ጊዜ በመንግሥት ወጪ ክርክሩ እንዲተረጎምለት የመጠየቅ መብት አለው።

**አንቀጽ ፳፩**

**በጥበቃ ሥር ያለና በፍርድ የታሰረ ሰው መብት**

፩. በጥበቃ ሥር ያለ ወይም በፍርድ የታሰረ ሰው ሰብአዊ ክብሩን በሚጠብቁ ሁኔታዎች የመያዝ መብት አለው።

፪. ማንኛውም የታሰረ ሰው ከትዳር ጓደኛው፣ ከቅርብ ዘመዶቹ፣ ከጓደኞቹ፣ ከሃይማኖት አማካሪዎች፣ ከሐኪሞቹና ከሕግ አማካሪዎች ጋር ለመገናኘትና እንዲጎበኙት እድል የማግኘት መብት አለው።

**አንቀጽ ፳፪**

**የወንጀል ህግ ወደ ጎሳ ተመልሶ የማይሰራ**

**ስለመሆኑ**

፩. ማንኛውም ሰው የወንጀል ክስ ሲቀርብበት የተከሰሰበት ድርጊት በተፈጸመበት ጊዜ ድርጊቱን መፈጸሙ ወይም አለመፈጸሙ ወንጀል መሆኑ በህግ የተደነገገ ካልሆነ በስተቀር ሊቀጣ አይችልም። እንዲሁም ወንጀሉ በተፈጸመበት ጊዜ ለወንጀሉ ተፈጻሚ ከነበረው የቅጣት ጣሪያ በላይ የከበደ ቅጣት በማንኛውም ሰው ላይ አይወሰንም።

፪. የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (1) ቢኖርም ድርጊቱ ከተፈጸመ በኋላ የወጣ ህግ ለተከላኝ ወይም ለተቀጣው ሰው ጠቃሚ ሆኖ ከተገኘ ከድርጊቱ በኋላ የወጣው ሕግ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

4. An accused person shall have a right to full access to any evidence presented against him, to examine witnesses testifying against him, to produce evidence for his own defense and to demand the attendance of his defense witnesses.

5. An accused person shall have the right to be represented by a counsel of his choice. The State may provide an indigent accused with a counsel where it is apparent that injustice would result otherwise.

6. An accused shall have a right to appeal to the competent court against any order or judgement he is not satisfied with.

7. An accused shall have the right to request for the assistance of an interpreter at state expense where the court proceedings are conducted in a language he does not understand.

**Article 21**

**Rights of Detained or  
Imprisoned Person**

1. A person in custody, be he a sentenced prisoner or not, shall be entitled to conditions which respect human dignity.

2. A detained or an imprisoned person shall have the right to the opportunity to communicate with and to be visited by his spouse, nearest relatives, friends, religious consoles, medical practitioners and lawyers.

**Article 22**

**Non-Retroactivity of  
Criminal Laws**

1. No one shall be convicted of an offense on account of a commission or an omission which was not considered as crime by law at the time of its commission or omission. Nor shall a penalty which is greater than the maximum penalty applicable for that offense at the time of its commission or omission be imposed on him.

2. Notwithstanding the provisions of sub-Article (1) of this Article, a law enacted subsequent to the commission or omission of the offense shall apply where it favors the accused or convicted person.

Keewwata 23  
Dhoorkamuu Yakka Tokkoon  
Lammata Adabamuu

Namni kamiyyuu, akka Seeraa fi Naamusa Adaba Yakkaa yookiin seerota malchiisan kan birootiin himatamee, murtii isa dhumaatiin yakka balleessaa ta'uun isaa irratti mirkanaayeen yookiin bilisaan gadilakkifameen, lammata hin himatamu yookiin hin adabamu.

Keewwata 24  
Mirga Kabajaa fi Maqaa Gaarii

1. Namni kamiyyuu, iddoo kamittuu uumama namooma isaatiin beekama argachuuf mirga qaba.
2. Namni kamiyyuu, kabajaan namooma fi gaarummaan maqaa isaa, akka kabajamuuf mirga qaba.
3. Namni kamiyyuu, mirga namoota biroo wajjiin haala wal-fudhatuun, namummaa ofii bilisummadhaan guddifachuuf mirga qaba.

Keewwata 25  
Mirga Wal-Qixxummaa

Namootni hundinuu seera duratti walqixxee dha. Gidduu isaaniitti garaa garummaan bifa kamiyyuu otoo hin godhamin seeraan eegumsi wal-qixxaataan ni godham-aaf.

Akkaatuma kanaan, sanyiidhaan, sabaan, sablammiidhaan, bifaan, saalaan, amantiin, siyaasaan, dhufiinsa hawaasumaatiin, qabeenyaan, dhalootaan yookiin sababa ejjennoo biraatiin garaagarummaan otoo hin godhamin, namootni hundinuu wabummaa seeraa walqixaa fi qabatamaa tahe argachuuf mirga qabu.

Keewwata 26  
Kabajamuu fi Eegamuu Mirga Jireenya Dhuunfaa

1. Namni kamiyyuu jireenyi mataa isaa fi matayyumaan isaa akka kabajamuuf mirga qaba. Mirgi kun sakata'amu mana jireenyaa, qaamaa fi qabeenya isaa; akkasumas qabeenyi qabiyyee dhuunfaa isaatiin jiru mirga qabamuu irraa eeggamuu of keessaa ni qaba.
2. Namni kamiyyuu, dhuunfaadhaan kan barreessuu fi kan walii barreessu, xalayootni poostaadhaan ergu, akkasumas quunnamtiin telefoonaan, telekomuni-keeshinaa fi meeshaawwan elektiironiiksiitiin taasisu hin tuqaman.

አንቀጽ ፳፫  
በአንድ ወንጀል ድጋሚ ቅጣት  
ስለመከላከል

ማንኛውም ሰው በወንጀለኛ መቅጫ ህግና ሥነ ሥርዓት ወይም አግባብ ባላቸው ሌሎች ህጎች መሠረት ተከሶ የመጨረሻ በሆነ ውሳኔ ጥፋተኛነቱ በተረጋገጠበት ወይም በነፃ በተለቀቀበት ወንጀል እንደገና አይከሰስም ወይም አይቀጣም።

አንቀጽ ፳፬  
የክብርና የመልካም ስም መብት

- ፩. ማንኛውም ሰው በማንኛውም ሥፍራ በሰብአዊ ፍጡርነቱ እውቅና የማግኘት መብት አለው።
- ፪. ማንኛውም ሰው ሰብአዊ ክብርና መልካም ስሙ የመከበር መብት አለው።
- ፫. ማንኛውም ሰው የራሱን ስብእና ከሌሎች ዜጎች መብቶች ጋር በተጣጣመ ሁኔታ በነጻ የማሳደግ መብት አለው።

አንቀጽ ፳፭  
የእኩልነት መብት

ሁሉም ሰዎች በህግ ፊት እኩል ናቸው። በመካከላቸው ማንኛውም ዓይነት ልዩነት ሳይደረግ በሕግ እኩል ጥበቃ ይደረግላቸዋል። በዚህ ረገድ በዘር፣ በብሔር/ብሔረሰብ፣ በቀለም፣ በጾታ፣ በቋንቋ፣ በሃይማኖት፣ በፖለቲካ፣ በማህበራዊ አመጣጥ፣ በሀብት፣ በትውልድ ወይም በሌላ አቋም ምክንያት ልዩነት ሳይደረግ ሰዎች ሁሉ እኩልና ተጨባጭ የህግ ዋስትና የማግኘት መብት አላቸው።

አንቀጽ ፳፮  
የግል ሕይወት የመከበርና የመጠበቅ መብት

- ፩. ማንኛውም ሰው የግል ሕይወቱና ግላዊነቱ የመከበር መብት አለው። ይህ መብት መኖሪያ ቤቱ፣ ሰውነቱና ንብረቱ ከመበርበር እንዲሁም በግል ይዘታው ያለ ንብረት ከመያዝ የመጠበቅ መብትን ያካትታል።
- ፪. ማንኛውም ሰው በግል የሚጽፋቸውና የሚጻፉባቸው፣ በፖስታ የሚልካቸው ደብዳቤዎች፣ እንዲሁም በቴሌፎን፣ በቴሌቪዥን፣ በኢ-ሌትርኒክስ መሣሪያዎች የሚያደርጋቸው ግንኙነቶች አይደረፉም።

Article 23  
Prohibition of Double  
Jeopardy

No one shall be tried or punished twice for an offense in which he has been finally convicted or acquitted in accordance with criminal law and its procedure or any other relevant law.

Article 24  
Right to Honor and  
Reputation

1. Everyone has the right every where to the recognition of his status as a person.
2. Everyone has a right to respect due to human beings and to the protection of his reputation and honor.
3. Everyone has the right to the free development of his personality compatible with the rights of other citizens.

Article 25  
Equality before the Law

All persons are equal before the law and are entitled, without any discrimination, to the equal protection of the law. The law shall guarantee to all persons equal and effective protection without discrimination, on grounds of their nation/nationality, race, color, sex, language, religion, political or social origin, wealth, birth or other status.

Article 26  
Right to Privacy

1. Every one shall have the right to privacy. This right includes the right not to be subjected to search of his home, person or property, or the seizure of his personal belongings.
2. Every one shall have the right to the inviolability of his correspondence and communications by means of telephone, telecommunication or electronic devices.

3. Abbootiin taayitaa mootummaa, mirgoota kana kabajuu fi kabachiisuuf dirqama qabu. Seerota tarreeffamaa kan haallan dirqisiisaan ennaa uumamanii fi nageenya biyyaa yokiin naannoodhaa fi nagaya ummataa eeguu, yakka ittisuu, fayyaa fi haala hamilee ummataa eeguuf yookiin kaayyoo mirgaafi bilisummaa nama biroo kabachiisuu irratti hundaa'waniin yoo tahe malee, akkaataan itti fayyadama mirgoota kanaa daangeffamuu hin danda'u.

**Keewwata 27**  
**Bilisummaa Amantii**  
**amantee Fi Ilaalchaa**

1. Namni kamiyyuu bilisummaa yaaduu, sammuu fi amantii ni qaba. Mirgi kun, namni kamiyyuu, amantii yookiin amantee filate qabachuu yookiin fudhachuu, amantii fi amantee isaa qofaa isaatti yookiin namoota biroo wajjin ifatti yookiin matayyummaadhaan waaqeffachuu, hordofuu, hojii irra oolchuu, barsiisuu yookiin ibsuu, of keessaa qaba.
2. Heera federaalichaa keewwata 90 (2) irratti kan ilaalame akkuma eegametti tahee, hordoftootni amantii kamiyyuu dhaabbattoota barnoota fi bulchiinsa amantii isaanii babal'isuu fi gurmeessuu isaan dandeessisan hundeeffachuu ni danda'u.
3. Amantii barbaade qabachuudhaaf bilisummaa namni kamiyyuu qabu, humnaan yookiin haala biraatiin dirqamsiisuudhaan, daangessuun yookiin ittisun hin danda'amu.
4. Warraa fi guddistootni biroo, akka amantii isaaniitti, barnoota naamusa gocha gaarii amantii isaanii kennuudhaan, ijoollee isaanii guddifachuuf mirga qabu.
5. Mirgi amantii fi amantaa ibsuudhaa kun daangeffamuu kan danda'u, nageenya ummataa, tasgabii, fayyaa, barumsa, haala hamilee ummataa, mirgoota bu'uuraa namoota biraa, bilisummaa fi mootummaan amantii dhaan garagara tahuu isaa mirkaneessudhaaf seerota bahaniin taha.

**Keewwata 28**  
**Yakkoota Namooma**  
**Irratti Raawwataman**

Wal-ta'iinsota addunyaa Itoophiyaa kan raggaasiftee fi seerota Itoophiyaa kan birootiin yakkoota sanyii dhala namaa irratti raawwataman jedhamanii murteeffaman, keessumattuu sanyii dhala namaa balleessuu, murtii malee tarkaanfii adaba du'aa fudhachuu, dirqisiisanii nama dhoksuu, yookiin gochoota farra namoomaa namoota raawwatan irratti himatni dhiyaatu darba yerootiin hin ittifamu. Yakki kuni murteewan qaama seera baasuunis ta'e qaama mootummaa kamiiniyyuu bararsaan yookiin dhiifamaan hin dabramu.

፫. የመንግሥት ባለሥልጣናት እነዚህን መብቶች የማክበርና የማስከበር ግዴታ አለባቸው። አስገዳጅ ሁኔታዎች ሲፈጠሩና ብሔራዊ ደህንነት፣ የሕዝቡን ሰላም ለመጠበቅ፣ ወንጀል ለመከላከል፣ ጤናና የሕዝብን የሞራል ሁኔታ ለመጠበቅ ወይም የሌሎችን መብትና ነጻነት ለማስከበር ዓላማዎች በወጡ ህጎች መሠረት ካልሆነ በስተቀር የእነዚህ መብቶች አጠቃቀም ሊገደብ አይችልም።

**አንቀጽ ፳፯**  
**የሀይማኖት፣ የሕሊናና የእምነት ነጻነት**

፬. ማንኛውም ሰው የማሰብ፣ የህሊና እና የሃይማኖት ነጻነት አለው። ይህ መብት ማንኛውም ሰው የመረጠውን ሀይማኖት ወይም እምነት የመያዝ ወይም የመቀበል ሃይማኖቱን ለብቻ ወይም ከሌሎች ጋር በመሆን በይፋ ወይም በግል የማምለክ፣ የመተግበር፣ የማስተማር ወይም የመግለጽ መብትን ያካትታል።

፭. በፌዴራል ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፯ (፪) የተጠቀሰው እንደተጠበቀ ሆኖ የሃይማኖት ተከታዮች ሃይማኖታቸውን ለማስፋፋትና ለማደራጀት የሚያስችሏቸው የሃይማኖት ትምህርትና የአስተዳደር ተቋማት ማቋቋም ይችላሉ።

፮. ማንኛውም ሰው የሚፈልገውን እምነት ለመያዝ ያለውን ነጻነት በኃይል ወይም በሌላ ሁኔታ በማስበገድ መገደብ ወይም መከልከል አይችልም።

፯. ወላጆችና ሌሎች ሕጋዊ ሞግዚቶች በእምነታቸው መሠረት የሃይማኖታቸውንና የመልካም ሥነ ምግባር ትምህርት በመስጠት ልጆቻቸውን የማሳደግ መብት አላቸው።

፭. ሀይማኖትንና እምነትን የመግለጽ መብት ሊገደብ የሚችለው የሕዝቡን ደህንነት፣ ሰላምን፣ ጤናን፣ ትምህርትን፣ የሕዝብን የሞራል ሁኔታ፣ የሌሎች ዜጎችን መሠረታዊ መብቶችና ነጻነቶች መንግሥት ከሃይማኖት ነፃ መሆኑን ለማረጋገጥ በሚወጡ ሕጎች ይሆናል።

**አንቀጽ ፳፰**  
**በሰብእና ላይ ስለሚፈጸሙ ወንጀሎች**

ኢትዮጵያ ባፀደቀቻቸው ዓለም አቀፍ ስምምነቶችና በሌሎች የአገሪቱ ሕጎች በሰው ልጆች ላይ የሚፈጸሙ ወንጀሎች ተብለው የተወሰኑትን ወንጀሎች የሰው ዘር የማጥፋት፣ ያለፍርድ የሞት ቅጣት እርምጃ የመውሰድ፣ በአስገዳጅ ሁኔታ ሰውን የመስወር ወይም ኢስብእዊ የድብደባ ድርጊቶች በፈጸሙት ሰዎች ላይ ክስ ማቅረብ በይርጋ አይታገድም። ይህ ወንጀል በህግ አውጪው አካል ወይም በማንኛውም ሌላ የመንግሥት አካል ውሳኔዎች በምህረት ወይም በይቅርታ አይታለፍም።

3. Public officials shall respect and protect these rights. They shall not interfere with the exercise of these rights except in compelling circumstances and in accordance with specific law which aim at safeguarding public security, safety, the prevention of crime, the protection of health, morals and the rights and freedoms of others.

**Article 27**  
**Freedom of Religion-**  
**Belief and Opinion**

  - d) Dubartooni hojjattoota tahan hojii walfakkaataa-dhaaf kafaltii walfakkaataa argachuuf mirgi isaanii eegamaa dha.
2. Hojjettootni akkaataa sirrii ta'een kan murteeffaman sa'atitii hojii, boqonnaa, yeroo bashannanaa, guyyoota boqonnaa yeroo yeroodhaan kafaltii wajjiin kennaman, ayyaanota ummataa mindaan itti kaffalamu, akkasumas naannawa hojii fayyaabeessaa fi balaa hin dhaqqabsiisne argachuuf mirga qabu.
3. Mirgoota kana hojiirraa oolichuudhaaf seerootni bahan, keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n mirgoota beekumsa argatan otoo hin hir'isiin akkaataa sirna waldoota hojjettootaa ittiin hundeeffamanii fi mari'atan ni tuma.

Keewwata 43

Mirga Misoomaa

- 1. Jiraattotni naannichaa naannosaanii eeguufii misoomsuuf, haala jireenya isaanii fooyyessuufii guddina walirraa hin cinne argachuuf mirgi isaanii eegamaa dha.
- 2. Jiraattotni naannichaa misooma naannichaa irratti hirmaachuu, keessattuu imaammattootaa fi pirojeektota hawasa isaan keessatti miseensa tahan irratti yaada isaanii akka kennan gaafatamuuf mirga qabu.
- 3. Kaayyoon guddaan sochi misoomaa, guddinaa fi fedhiwwan bu'uura jiraattota naannichaa guutuu taha.

Keewwata 44

Mirga Nageenya Naannoo

- 1. Jirattotni naannichaa naannawaa qulqulluu jireenyaaf tolu keessa jiraachuuf mirga qabu.
- 2. Sababa sagantaawwan mootummaa nnaannichaa adeemsiisuun namootni buqqa'an yookiin jireenya jalaa tuqame hundumtuu, gargaarsa gaha amootummaan kennuun nannaawa biraatti jijjiramanii qubachuu dabalatee, maallaqa yookiin filmata biraa walgita tahe akka beenyaatti argachuuf mirga qabu.

- ለ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (ሀ) የተመለከቱት የሠራተኛ ክፍሎች ሥራ ማቆምን ጨምሮ ቅሬታቸውን የማስማት መብት አላቸው፤
- ሐ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (ሀ) እና (ለ) መሠረት ዕውቅና ባገኙት መብቶች ለመጠቀም የሚችሉት የመንግሥት ሠራተኞች በህግ ይወሰናሉ፤

- ፪. ሠራተኞች በአግባቡ የተወሰነ የሥራ ሰዓት፣ ዕረፍት፣ መዝናኛ ጊዜ፣ በየጊዜው ከክፍያ ጋር የሚሰጡ የእረፍት ቀናት፣ ደመወዝ የሚከፈልባቸው የሕዝብ በዓላት፣ እንዲሁም ጤናማና አደጋ የማያደርስ የሥራ አካባቢ የማግኘት መብት አላቸው።
- ፫. እነዚህን መብቶች ተግባራዊ ለማድረግ የሚወጡ ሕጎች በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) መሠረት እውቅና ያገኙትን መብቶች ሳይቀንሱ የተጠቀሱት ዓይነት ሠራተኛ ማኅበራት ስለሚቋቋሙ በትና የጋራ ድርድር ስለሚካሄድበት ሥርዓት ይደነግጋሉ።

አንቀጽ ፵፫

የልማት መብት

- ፩. የክልሉ ነዋሪዎች አካባቢያቸውን የመጠበቅና የማልማት፣ የኑሮ ሁኔታቸውን የማሻሻልና የማያቋርጥ እድገት የማግኘት መብታቸው የተጠበቀ ነው።
- ፪. የክልሉ ነዋሪዎች በክልሉ ልማት የመሳተፍ፣ በተለይም አባል የሆኑ በትን ማኅበረሰብ የሚመለከቱ ፖሊሲዎችና ፕሮጀክቶች ላይ ሃሳባቸውን እንዲሰጡ የመጠየቅ መብት አላቸው።
- ፫. የልማት እንቅስቃሴ ዋና ዓላማ የክልሉን ነዋሪዎች እድገትና መሠረታዊ ፍላጎታቸው ማሟላት ይሆናል።

አንቀጽ ፵፬

የአካባቢ ደህንነት መብት

- ፩. የክልሉ ነዋሪዎች ንፁህና ጤናማ በሆነ አካባቢ የመኖር መብት አላቸው።
- ፪. የክልሉ መንግሥት በሚያካሂዳቸው ፕሮግራሞች ምክንያት የተፈናቀሉ ወይም ኑሮአቸው የተነካባቸው ሰዎች ሁሉ በመንግሥት በቂ እርዳታ ወደሌላ አካባቢ መዘዋወርን ጨምሮ ተመጣጣኝ የሆነ የገንዘብ ወይም ሌላ ማካካሻ የማግኘት መብት አላቸው።

- b) Categories of persons referred to in paragraph (a) of this sub-Article have the right to express grievances and to strike.
  - c) Government employees who enjoy the rights provided for under paragraphs (a) and (b) of this sub-Article shall be determined by law.
  - d) Women workers have the right to equal pay for comparable work.
2. Laborers have the right to reasonable limitation of working hours, rest, leisure, periodic holidays with pay, remuneration for public holidays as well as to a healthy and safe work environment.
3. Without derogating from the rights recognized under sub-Article (1) of this Article, laws shall be enacted to establish procedures for the formation of such associations and unions and for the regulation of the bargaining process.

Article 43

right to development

- 1. The peoples of the Region have the right to protect and develop their environment, improve their living standards and sustainable development.
- 2. All the peoples of the Region have the right to participate in Regional development and, in particular, to be consulted in respect to policies and projects affecting their community.
- 3. The aim of development policies and programmes shall be to enhance the capacity of residents of the Region for development and meet their basic needs.

Article 44

Environmental Rights

- 1. All residents of the region have the right to a clean and healthy environment.
- 2. All the residents of the Region who have been displaced or whose livelihoods have been adversely affected as a result of state programmes have the right to commensurate monetary or other means of compensation, including relocation with adequate assistance by the State.

Boqonnaa Afour  
Gurmaatna Mootummaa  
Naannichaafi Qoodama  
Aangoo  
Keewwata 45  
Sadarkaawwan  
Bulchiinsa Naannoo

Naannichi Naannoodhaan, Godinaan, Aanaadhaaniifi Gandaan kan caaseffamedha. Haata'u malee, Caffee Oromiyaa barbaachisaa ta'uu isaa yemmuu itti amanu sadarkaa bulchiinsaa kan biroo caasessuu ni danda'a.

Keewwata 46

Qaamota Aangoo

Mootummaa Naannichaa

1. Qaamni mootummaa naannichaa inni seera baasu Caffee Oromiyaati. Caffichiis qaama aangoo ol'aanaa mootummaa naannichaa yoo ta'uu ittiwaamannisaa ummata isa bakaa buufateeffidha.

2. Qaamni seera raawwachiist-uun ol'aanaan naannichaa Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa yoo ta'uu ittiwaamannisaa Caffee Oromiyatiifidha.

3. Aangoon abbaa seerummaa naannichaa kan manneen murtii naannichaa qofa.

Keewwata 47

Aangoofi Hojii

Mootummaa Naannichaa

1. Aangoo fi hojiileen Heera Mootummaa Ripaabiliaa Federaalawaa Dimookraatawaa Itoophiyaa keessatti addaan baafamanii Mootummaa Federaalaatiif yookiin Mootummaa Federaalaa fi Mootummaa naannichaatiif waliin kennamaniin ala jiran kamiyyuu kan mootummaa naannichaa taha.

2. Keewwata kana, keewwata xiqqaa 1 irratti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, mootummaan naannichaa:

- a) Imaammata, tarsii moofi karoora misooma dinagdeefi hawaasummaa naannichaa ni baasa; ni raawwachiisa;
- b) Heera Mootummaatiifi seeroota biraa naannichaa ni baasa; ni raawwachiisa;
- c) Seera Mootummaan Federaalaa baasurratti hundaa'uudhaan lafaafi qabeenya uumamaa ni bulcha;
- d) Bulchiinsa naannoo kan ofiin of bulchuu kaayyoo godhate ni caaseessa; sirna dimookraatawaa ol'aantummaan seeraa keessatti mirkanaawe ni ijaara. Heera Ripaabiliaa Federaalawaa Dimookraatawaa Itoophiyaatiifi Heera kana ni eega; ni tiksa;
- e) Bulchiinsaafi haala hojii hojjattoota naannichaa ilaalchisee seera nibaasa; niraawwachiisa; yeroo kana raawwatu ulaagaa biyyattii kan barnootaa; leenjii muuxannoo hubannoo keessa galchuu qaba;

ምዕራፍ አራት  
የክልሉ መንግሥት አደረጃጀትና  
የሥልጣን ክፍፍል

አንቀጽ ፵፮

የክልሉ አስተዳደር እርከፍት

ክልሉ በክልል፣ በዞኖች፣ በወረዳዎችና በቀበሌዎች የተዋቀረ ነው። ይሁን እንጂ ጨፌ ኦሮሚያ አስፈላጊ ሆኖ ሲያገኘው ሌሎች የአስተዳደር እርከፍትን ሊያዋቅር ይችላል።

አንቀጽ ፵፯

የክልሉ መንግሥት የሥልጣን አካላት

፩. የክልሉ መንግሥት ሕግ አውጪ አካል ጨፌ ኦሮሚያ ነው፤ እሱም የክልላዊ መንግሥቱ ከፍተኛ የሥልጣን አካል ሆኖ ተጠሪነቱም ለወከለው ሕዝብ ነው።

፪. የክልሉ ከፍተኛ የሕግ አስፈጻሚ አካል የክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት ሲሆን ተጠሪነቱም ለጨፌ ኦሮሚያ ነው።

፫. የክልሉ የዳኝነት ሥልጣን የክልሉ ፍርድ ቤቶች ብቻ ነው።

አንቀጽ ፵፰

የክልሉ መንግሥት ሥልጣንና

ተግባር

፩. በኢትዮጵያ ፌዴራላዊ ዲሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ ሕገ መንግሥት ውስጥ በግልፅ ተለይተው ለፌዴራሉ መንግሥት ወይም ለፌዴራሉ መንግሥትና ለክልሉ መንግሥት በጋራ ከተሰጡት ሥልጣንና ተግባራት ውጭ ያለ ማናቸውም ሥልጣንና ተግባር የክልሉ መንግሥት ይሆናል።

፪. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ክልላዊ መንግሥቱ፡

- ሀ) የክልሉን የኢኮኖሚና ማኅበራዊ ልማት ፖሊሲ፣ ስትራቴጂና ዕቅድ ያወጣል፤ ያስፈጽማል፤
- ለ) የክልሉን ሕገ መንግሥትና ሌሎች ሕጎችን ያወጣል፤ ያስፈጽማል፤
- ሐ) የፌዴራሉ መንግሥት በሚያወጣው ሕግ መሠረት መሪነትንና የተፈጥሮ ሀብትን ያስተዳድራል፤
- መ) ራስን በራስ ማስተዳደርን ዓላማ ያደረገ ክልላዊ መስተዳድር ያዋቅራል፤ የሕግ የበላይነት የሰፈነበት ዲሞክራሲያዊ ሥርዓት ይገነባል። የኢትዮጵያ ፌዴራላዊ ዲሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ ህገ መንግሥትንና ይህንን ሕገ መንግሥት ይጠብቃል፤ ይከላከላል፤
- ሠ) የክልሉን ሠራተኞች አስተዳደርና የሥራ ሁኔታዎች በተመለከተ ሕግ ያወጣል፤ ያስፈጽማል፤ ይህን በሚያስፈጽምበት ጊዜ የሀገሪቱን የትምህርት፣ የሥልጠናና የልምድ መመዘኛዎች ግምት ውስጥ ማስገባት ይኖርበታል፤

Chapter Four  
Structure of  
the Regional State and  
Division of Power  
Article 45

Administrative Structure  
of the Region

The administrative structure of the Oromia Regional State consists of the Regional Government, Zones, Districts and kebele. However, 'Caffee' Oromia may establish other administrative structures as may be necessary.

Article 46

Organs of the Regional State

1. Legislative power in the Oromia Regional State is vested in 'Caffee Oromia'. It shall be the supreme organ of the Regional State and shall be responsible to the electorate of the Region.

2. Executive power of the State is vested in the Administrative Council of the region which shall be responsible to 'Caffee' Oromia.

3. Judicial power of the State is vested only in the courts of the Region.

Article 47

Powers and Duties of the Region

1. All state powers and functions not expressly given to the Federal State or to both Federal and Regional state by the Constitution of the Federal Democratic Republic of Ethiopia shall be assumed by the Oromia Regional State.

2. Without prejudice to sub-Article (1) of this Article, the Regional state shall:-

- a) formulate and implement policies, strategies and plans for economic and social development;
- b) enact and enforce the Constitution and other laws of the Region;
- c) administer the lands and other natural resources of the Region in accordance with the laws enacted by the Federal State;
- d) establish a Regional state structure, build a democratic order under the rule of law, and preserve, uphold and defend the Constitution of the Federal Democratic Republic of Ethiopia and this Constitution,
- e) enact and implement laws on matters pertaining to the administration and conditions of work of civil servants of the Region taking into account the Federal state standards on education, training and experience required for any public position.

- f) Humna poolisii naannichaa ni-gurmeessa; nihoggana; nagaafi tasgabbii naannichaa ni eega;
- g) Tumaatoonni Heera Rippaa-bliika Federaalawaa Dimokraatawaa Itoophiyaa keewwata 28 keewwata xiqqaa 1 fi Heera kana keewwata 28tti akkuma eegamanitti ta'anii; seerarratti hundaa'uudhaan baraassaa fi dhiifama nigodha;
- h) Madda galii naannichaaf murt-aa'erratti gibiraa fi ashuura biraa nimurteessa; walitti ni qaba; baajata naannichaa niqopheessa; niraggaasa; nibulcha;
- i) Hojjattoota mootummaa naannichaatiifi hojjattoota dhaabbata keessatti mindeeffaman irratti gibira hojii nimurteessa; walitti niqaba;
- j) Kafaltii ittifayyadama lafaa ni murteessa; walitti niqaba;
- k) Gibira galii hojii qonnaa nimurteessa; walitti niqaba;
- l) Galii manneeniifi qabeenyoota biroo kanneen naannicha keessatti abbummaa dhuunfaa jala jiranirraa argamurratti gibira nimurteessa; walitti niqaba; manneeniifi qabeenyoota biroo kanneen abbummaa mootummaa naannichaa jala jiranirraa kiraa walitti niqaba;
- m) Dhaabbattoota abbummaa mootummaa naannichaa jala jiranirraatti gibira bu'aa daldalaa, gibira hojii, ashuura gurgurtaafi eeksaayizii ni murteessa; walitti niqaba;
- n) Mootummaa Federaalaa wajjin:
  - (i) Gibira bu'aa daldalaa, gibira hojii, ashuura gurgurtaafi eeksaayizii dhaabbattoota misoomaa wajjiniin hundessanurraa argamu bu'uura seeraatiin niqooddata;
  - (ii) Bu'aa daldalaa dhaabbattooarraa fi qooda bu'aa abbootii aaksiyoonnaarraa gibiraafi ashuura gurgurtaa bu'uura seeraatiin niqooddata;
  - (iii) Gibira galiitiifi kafaltii rooyaalitii hojiilee gurguddoo albuudaatiifi hojiilee peetrooliyeemiifi gaa-zaa kamiyyuuraa argamu bu'uura seeraatiin niqooddata;
- o) Kafaltiiwwan hayyamootaafi tajaajiloota qaamoota bulchiinsa naannichaatiin kennamanirraa maddan nimurteessa; walitti niqaba;
- p) Kafaltii rooyaalitii bosonarraa argamu nimurteessa, walitti qaba;
- q) Naannicha keessatti, balaan uumamaa tasaa kamiyyuu yeroo mudatu yokiin dhukkubni fayyaa ummata balaaf saaxilu yeroo mul'atu, labsii yeroo oriifac-hisaa ni baasa.

- ረ) የክልሉን ፖሊስ ኃይል ያደራጃል፤ ይመራል፤ የክልሉን ሠላምና ፀጥታ ይጠብቃል፤
- ሰ) የኢትዮጵያ ፌዴራላዊ ዲሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፳፰ ንዑስ አንቀጽ 1 እና የዚህ ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፳፰ ድንጋጌዎች እንደተጠበቁ ሆነው በሕግ መሠረት ምህረት እና ይቅርታ ያደርጋል፤
- ሸ) ለክልሉ በተወሰነው የገቢ ምንጭ ግብርና ሌሎች ታክሶችን ይጥላል፤ ይሰበስባል፤ የክልሉን በጀት ያዘጋጃል፤ ያዕድቃል፤ ያስተዳድራል፤
- ቀ) በክልሉ መንግሥት ሠራተኞችና በድርጅት ተቀጣሪዎች ላይ የሥራ ግብር ይጥላል፤ ይሰበስባል፤
- በ) የመሬት መጠቀሚያ ክፍያ ይወስናል፤ ይሰበስባል፤
- ቀ) የእርሻ ሥራ ገቢ ግብር ይጥላል፤ ይሰበስባል፤
- ቸ) በክልሉ በግል ባለቤትነት ሥር ካሉ ቤቶችና ከሌሎች ንብረቶች በሚገኝ ገቢ ላይ ግብር ይጥላል፤ ይሰበስባል፤ በክልል መንግሥቱ ባለቤትነት ሥር ካሉ ቤቶችና ሌሎች ንብረቶች ላይ ኪራይ ይሰበስባል፤
- ኀ) በክልሉ መንግሥት ባለቤትነት ሥር በሚገኙ የልማት ድርጅቶች ላይ የንግድ ትርፍ ግብር፣ የሥራ ግብር፣ የሽያጭና ኤክስፖርት ታክስ ይጥላል፤ ይሰበስባል፤
- ነ) ከፌዴራሉ መንግሥት ጋር፡-
  - (i) በጋራ ከሚያቋቁሙት የልማት ድርጅቶች የሚገኘውን የንግድ ትርፍ ግብር፣ የሥራ ግብር፣ የሽያጭና የኤክስፖርት ታክስ በሕገ መሠረት ይካፈላል፤
  - (ii) ከድርጅቶች የንግድ ትርፍ ላይና ከባለአክሲዮኖች የትርፍ ድርሻ ላይ ግብርና የሽያጭ ታክስ በሕገ መሠረት ይካፈላል፤
  - (iii) ከከፍተኛ የማዕደን ሥራዎችና ከማንኛውም የፔትሮሊየምና የጋዝ ሥራዎች የሚገኘውን የገቢ ግብርና የሮያሊቲ ክፍያዎች በሕገ መሠረት ይካፈላል፤
- ኘ) በክልል መስተዳድር አካላት ከሚሰጡ ፍቃዶችና አገልግሎቶች የሚመነጩ ክፍያዎችን ይወስናል፤ ይሰበስባል፤
- አ) ከደን የሚገኝ የሮያሊቲ ክፍያን ይወስናል፤ ይሰበስባል፤
- ከ) በክልሉ ውስጥ ማናቸውም ደንገተኛ የተፈጥሮ አደጋ ሲያጋጥም ወይም የሕዝብን ጤንነት አደጋ ላይ የሚጥል በሽታ ሲከሰት የአስቸኳይ ጊዜ አዋጅ ያውጃል።

- f) establish and administer a State police force and maintain public order and peace within the Region;
- g) Without prejudice to Article 28 sub Article 1 of the Constitution of the Federal Democratic Republic of Ethiopia and Article 28 of this Constitution grant pardon and/ or amnesty according to the law.
- h) levy and collect taxes on revenue sources allocated to the Region as well as draw up, approve and administer the Regional state's budget;
- i) levy and collect income taxes on employees of the state and of private enterprises.
- j) determine and collect fees for land usufructuary rights
- k) levy and collect taxes on income from agricultural activities,
- l) levy and collect taxes on income derived from private dwelling houses and other private properties in the Region as well as collect rent on houses and other properties owned by the Regional Government;
- m) levy and collect profit, sales, excise and personal income taxes on income of enterprises owned by the state.
- n) jointly with the Federal Government;
  - (i) levy and collect profit, income and sales and excise taxes on enterprises they jointly establish;
  - (ii) levy and collect taxes on profits of corporations and on dividends paid to shareholders;
  - (iii) levy and collect taxes on incomes derived from large-scale mining, petroleum and gas operations as well as royalties,
- o) determine and collect fees and charges relating to licenses issued and services rendered by state organs.
- p) fix and collect royalties for use of forest resources.
- q) proclaim a state of emergency in the Region, should natural disaster or epidemics that jeopardize the well-being or the health of the people occur;

Boqonnaa Shan Waa'ee Caffee  
Oromiyaa  
Keewwata 48  
Waa'ee Miseensota Caffee

1. Miseensonni Caffee sirna filannoo hunda ammataa, bilisa, kallattii, sirraa'aa ta'eefi sagaaleen iccitiidhaan itti kennamuun waggaa shan shanitti ummataa filamu.
2. Miseensonni Caffee sirna filannoo kan dorgomaan naannoo filannoo tokko keessatti sagalee dorgomtoota biroo caalu argate moohataa itti ta'uun filatamu.
3. Miseensoonni Caffee naannichaa bakka bu'oota ummata naannichaa hundaati; kan itti bulaniis:
  - a) Heera Mootummaa
  - b) Ummataafi
  - c) Sammuu isaanii qofaaf ta'a.
4. Miseensi Caffee kamiyyuu sababa sagalee yookiin yaada walgahii Caffichaarratti kennuutiin hin himatamu; tarkaanfiin bulchiinsaatiis irratti hinfudhatamu.
5. Miseensi Caffee kamiyyuu, osoo yakka cimaa raawwatu harkaaharkatti yoo qabame malee, hayyama Caffichaatiin ala hinqabamu, yakkaan hinhimatamu.
6. Miseensi Caffichaa kamiyyuu yeroo ummanni filate amantaa irraa dhabetti, akka seeraatti, miseensummaa Caffeer-raa ni maqffama.

Keewwata 49  
Aangoo fi Hojii Caffee  
Naannichaa

1. Akka heera kanaatti, Caffeen Naannichaa qaama seera baastuu naannichaati.
2. Heerri Rippaablika Dimookraatawaa Federaala Itoophiyaa akka eegametti tahee, Caffichi dhimmoota keessaa Naannichaa irratti abbaa aangoo siyaasaa isa ol-aanaa dha.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2)n kan tumame akka eegametti tahee, Caffichi addaan aangoo fi hojii kanaatti aanan ni qabaata:
  - a) Akka Heera kanaatti, seerota adda addaa heeraafi seerota Federaalichaa hin faallessine ni tuma;
  - b) Baay'ina ummatichaa, bal'ina Naannichaa fi sochii dinagdee hawaasummaa tilmaama keessa galchuu-dhaan gulantaalee bulchiinsaa dabalataan ni hund-eessa;

ምዕራፍ አምስት  
ስለ ጨፌ ኦሮሚያ  
አንቀጽ ፵፰  
ስለ ጨፌ አባላት

- ፩. የጨፌ አባላት ሁሉ አቀፍ ነፃ፣ ቀጥተኛ፣ ትክክለኛ በሆነና ድምጽ በሚሰጥር በሚሰጥበት የምርጫ ሥርዓት በየአምስት ዓመቱ በሕዝብ ይመረጣሉ።
- ፪. የጨፌ አባላት በአንድ የምርጫ ክልል ውስጥ ከሌሎች ተወዳዳሪዎች መካከል አብላጫ ድምጽ ያገኙ ተወዳዳሪ አሸናፊ በሚሆንበት የምርጫ ሥርዓት ይመረጣሉ።
- ፫. የጨፌ አባላት የመላው የክልሉ ሕዝብ ተወካዮች ናቸው። ተገዥነታቸውም፡-
  - ሀ) ለሕገ መንግሥቱ
  - ለ) ለሕዝብና
  - ሐ) ለራሳቸው ሕሊና ብቻ ይሆናል።
- ፬. ማንኛውም የጨፌ አባል በጨፌው ስብሰባ በሚሰጠው ድምጽ ወይም አስተያየት ምክንያት አይከሰስም፣ አስተዳደራዊ እርምጃም አይወሰድበትም።
- ፭. ማንኛውም የጨፌ አባል ከባድ ወንጀል ሲፈጽም እጅ ከፍንጅ ካልተያዘ በስተቀር ያለጨፌው ፈቃድ አይያዝም፣ በወንጀል አይከሰስም።
- ፮. ማንኛውም የጨፌ አባል የመረጠው ሕዝብ አመኔታ ባጣበት ጊዜ በሕግ መሠረት ከጨፌ አባልነት ይወገዳል።

አንቀጽ ፵፱  
የጨፌ ሥልጣንና ተግባር

- ፩. ጨፌ በዚህ ሕገ መንግሥት መሠረት የክልሉ ሕግ አውጭ አካል ነው።
- ፪. የኢትዮጵያ ፌዴራላዊ ዲሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ ሕገ መንግሥት እንደተጠበቀ ሆኖ ጨፌ በክልሉ የውስጥ ጉዳዮች ላይ የበላይ የፖለቲካ ሥልጣን ባለቤት ነው።
- ፫. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ እና ፪ ድንጋጌዎች ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ጨፌው በተለይ የሚከተሉት ሥልጣንና ኃላፊነቶች ይኖሩታል፡-
  - ሀ) በዚህ ሕገ መንግሥት መሠረት የፌዴራሉን ሕገ መንግሥትና ሌሎች ሕጎችን የማይፀና ልዩ ልዩ ሕጎችን ያወጣል፤
  - ለ) የሕዝቡን ብዛት፣ የክልሉን ስፋትና ማኅበረ-ኢኮኖሚያዊ እንቅስቃሴ ግምት ውስጥ በማስገባት በክልሉ ውስጥ ተጨማሪ የአስተዳደር እርከኖችን ወይም የራስ በራስ አስተዳደራዊ አካባቢዎችን ያቋቁማል፤

Chapter Five  
'Caffee Oromia'  
Article 48  
Members of the 'Caffee'

1. Members of the 'Caffee' shall be elected for a term of five years on the basis of universal suffrage and by direct, secret, free and fair elections.
2. 'Caffee' members shall be elected from candidates in each electoral district by a plurality of the votes cast.
3. Members of the 'Caffee' are representatives of the peoples of the Region as a whole. They are governed by:
  - a) the Constitution;
  - b) the will of the people; and
  - c) their conscience
4. No member of the 'Caffee' shall be charged with an offence on account of the vote he casts or opinion he expresses in the sessions of the 'Caffee' nor shall any administrative action be taken against him on such grounds.
5. No member of the 'Caffee' shall be arrested or charged with a crime without permission of the 'Caffee' unless he is apprehended in flagrante delicto for a serious offence.
6. Any member of the 'Caffee' may be removed from his mandate of representation upon loss of confidence by the electorate.

Article 49  
Powers and Duties of the 'Caffee'

1. 'Caffee' shall have legislative power in matters assigned to it by this Constitution.
2. Subject to the relevant provisions of the Federal Constitution, it shall be the supreme political organ of the Region with full powers in the affairs of the Region.
3. Without prejudice to the generality of sub-Articles (1) and (2) of this Article, the 'Caffee' shall, in particular, have the powers and duties to:
  - (a) enact laws consistent with this Constitution, the Federal Constitution and other Federal legislations's.
  - (b) establish other administrative structures on the basis of the number of population, area and socio-economic activities;

- c) Aangoon Mootummaa Federaalaa akka eegmetti tahee, Waliigaltee Mootummoota Naannoolee ollaa wajjin taasifamu ni raggaasa;
- d) Af-yaa'ii fi Itti aanaa Af-yaa'ii Cafficha hogganan nifilata; koreewwan dhaabbataafi yeroo kanneen hojii caffichaatiif barbaachisan nimoggaasa;
- e) Miseensota Caffee keessaa Pireezidaantii bulchiinsa mootummaa Naanichaa nifila; muudama miseensota Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naanichaa niraggaasa;
- f) Qaama odiitii To'annaa nihundeessa;
- g) Akka seeraatti baraarsa nigodha;
- h) Nagaafi tasgabii naanichaa eeguuf humna poolisii fi nageenyaa ni gurmeesa.
- i) Imaammattoota, tarsiiimoo-wwaniifi sagantaalee hawaasummaafi dinagdee naannichaa niraggaasa;
- j) Seerota madda galii mootummaa naannichaa ilaalan nibaasa; baajata naannichaa niraggaasa;
- k) Jaarmayoota babal'ina tajaajila hawaasummaa fi misooma dinagdee ariifachiisuuf barbaachisaa ta'an nihundeessa;
- l) Pireezidaantiifi itti aanaa Pireezidaantii Mana Murtii Waliigalaa naannichaa fi Oddiitara Muumichaa ni muuda;
- m) Madda galii mootummaa naannichaatiif daangeeffamerratti gibirafi ashuura ni murteessa;
- n) Bulchiinsaafi haala hojii hojjataa naannichaa ilaalchisee seera nibaasa;
- o) Akkaataa Heera kana keewwata 47 keewwata xiqqaa (2) (q)tiin tumaata yeroo ariifachiisaa nilabsa.
- p) Heera, labsiiwwaniifi seerota adda addaa biyyattiifi naannichaa, naannicha keessatti hojii-rra oolchuuf dambiiwwan dan-deessisan nibaasa;
- q) Pireezidaantiifi abbootii taa-yyataa naannichaa kanneen biraa gaaffiif niwaama; haala hojii Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa niqorata.

**Keewwata 50 Waa'ee Hoggansa Caffee**

1. Caffeen Af-yaa'ii, Itti Aanaa Af-yaa'iifi akkaataa barbaachi-suun koreewwan dhaabbataafi yeroo ni qabaata.
2. Af-yaa'iifi itti Aanaa Af-yaa'ii, dhaabbata siyaasaa injifateen yookaan sagalee caalmaya argateen dhihaatanii miseensoota keessaa filatamu.
3. Af-yaa'iin:
  - a) Walga'iiwwan Caffichaa dhaabbataafi ariifachiisaa ni waama; ni geggeessa;
  - b) Hojiiwwan waliigalaa bulchiinsa Caffee ni hoggana;
  - c) Tarkaanfii naamusaa Caffeen miseensootarratti murteesse niraawwachiisa;
4. Itti Aanaa Af-yaa'iin:
  - a) hojiiwwan adda bahanii Af-yaa'ichaan kennaman-iif ni raawwata;

- ሐ) የፌዴራሉ መንግሥት ሥልጣን እንደተጠበቀ ሆኖ ከአጎራባች ክልላዊ መንግሥታት ጋር የሚደረገውን ስምምነት ያፀድቃል፤
- መ) ጨፌውን የሚመሩ አፈ-ጉባዔና ምክትል አፈ-ጉባዔ ይመርጣል፤ ለጨፌው ሥራ የሚያስፈልጉትን ቋሚና ጊዜያዊ ኮሚቴዎችን ይሰይማል፤
- ሠ) ከጨፌ አባላት መካከል የመስተዳድሩን ፕሬዚዳንት ይመርጣል፤ የክልሉን መስተዳድር ምክር ቤት አባላት ሹመት ያፀድቃል፤
- ረ) የአዲትና የቁጥጥር አካል ያቋቁማል፤
- ሰ) በሕገ መሠረት ምህረት ያደርጋል፤
- ሸ) የክልሉን ሠላምና ፀጥታ ለመጠበቅ የፀጥታና የፖሊስ ኃይል ያቋቁማል፤
- ቀ) የክልሉን ማኅበራዊና ኢኮኖሚያዊ ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎችና ዕቅዶች ያፀድቃል፤
- በ) የክልሉን መንግሥት የገቢ ምንጮች የሚመለከቱ ሕጎችን ያወጣል፤ የክልሉን በጀት ያፀድቃል፤
- ተ) ለማኅበራዊ አገልግሎት መስፋፋትና ለኢኮኖሚያዊ ልማት መፋጠን አስፈላጊ የሆኑ ተቋማትን ያቋቁማል፤ ያደራጃል፤
- ቸ) የክልሉን ጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት፣ ምክትል ፕሬዚዳንት እና ዋና አዲተሩን ይሾማል፤
- ኀ) ለክልሉ መንግሥት በተከለለው የገቢ ምንጭ ግብርና ታክስ ይጥላል፤
- ነ) የክልሉን የሠራተኛ አስተዳደርና የሥራ ሁኔታዎችን በተመለከተ ሕግ ያወጣል፤
- ኘ) በዚህ ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፵፯ ንዑስ አንቀጽ (፪) (ከ) መሠረት የአስቸኳይ ጊዜ አዋጅ ያውጃል፤
- አ) የሀገሪቱንና የክልሉን ሕገ መንግሥት፣ አዋጆችና ሌሎች ሕጎችን በክልሉ ውስጥ ተግባራዊ ለማድረግ የሚያስችሉ ደንቦችን ያወጣል፤
- ከ) የክልሉን ፕሬዚዳንትና ሌሎች የክልሉን መንግሥት አካላት ባለሥልጣናት ለጥያቄ ይጠራል። የክልል መስተዳድሩን ምክር ቤት አሠራር ይመረምራል።

**አንቀጽ ፶**

**ስለ ጨፌ አመራር**

- ፩. ጨፌ የራሱ አፈ-ጉባዔ፣ ምክትል አፈ-ጉባዔና እንደአስፈላጊነቱ ቋሚና ጊዜያዊ ኮሚቴዎች ይኖሩታል።
- ፪. አፈ-ጉባዔና ምክትል አፈ-ጉባዔው አሸናፊ በሆነው ወይም አብላጫ ድምፅ ባገኘው የፖለቲካ ድርጅት/ ድርጅቶች አቅራቢነት ከአባላቱ መሃከል ይመረጣሉ።
- ፫. አፈ-ጉባዔው፡-
  - ሀ) የጨፌውን መደበኛና አስቸኳይ ስብሰባዎች ይጠራል፤ ይመራል፤
  - ለ) የጨፌን ጠቅላላ ያስተዳደር ሥራዎች ይመራል፤
  - ሐ) ጨፌ በአባላቶቹ ላይ የወሰነውን የዲስፒሊን እርምጃ ያስፈጽማል።
- ፬. ምክትል አፈ-ጉባዔ፡-
  - ሀ) በአፈ-ጉባዔው ተለይተው የሚሰጡትን ተግባራት ያከናውናል፤

- (c) approve agreements that could be made with 'neighbouring Regional States subject to the Power vested in the Federal government;
- (d) Shall elect the Speaker and Deputy speaker of the Caffee and establish permanent and ad-hoc committies;
- (e) elect the President and Vice-President of the Regional State from among the members of the 'Caffee'; approve the appointment of members of the Regional Administrative Council;
- (f) establish the auditing and inspection organs of the Region;
- (g) grant amnesty according to the law;
- (h) Organize police and security forces for maintenance of peace and security of the Region;
- (i) approve social and economic policies, strategies and plans of the Region.
- (j) enact laws on matters pertaining to the revenue of the Region and approve the Regional budget.
- (k) establish institutions of social and economic developments;
- (l) appoint the president and vice president of the Supreme Court and Auditor-General of the Region
- (m) levy taxes and duties on revenue sources allocated to the Regional Government;
- (n) enact laws on the conditions of work and administration of civil service employees in the Region;
- (o) Proclaim a state of emergency in accordance with Article 47 sub-Article 2 (q) of this Constitution.
- (p) issue regulation which help implement Federal and Regional Constitutions, Proclamations and other laws in the Region;
- (q) Call and question the president and other Regional officials. Investigate discharge of responsibility of the regional administrative council;

**Article 50**

**Leadership of the 'Caffee'**

1. 'Caffee' shall have its own Speaker and Deputy Speaker and establish standing and ad-hoc committees.
2. Speaker and Deputy Speaker of the "caffee" shall be elected from among its members upon the recommendation of the winning political party or parties.
3. The speaker Shall.
  - (a) Call 'Caffee' for ordinary and extraordinary meetings and preside over it
  - (b) direct all administrative affairs of 'Caffee'
  - (c) enforce disciplinary actions 'Caffee' takes on its members
4. The Deputy speaker shall.
  - (a) Carry out responsibilities which shall be specifically entrusted to him by the Speaker

b) Af-yaa'ichi yeroo hin jiraanne, bakka bu'ee ni hojjata.

5. Hojiiwwan biroo Af-yaa'ichaa seeraan murtaawa.

Keewwata 51  
Yeroo Hojii fi  
Bara Hojii Caffee

1. Caffeen naannichaa yoo xiqqaate waggaatti yeroo lama walgahii idilee ni adeemsisa.

2. Barri hojii miseensota Caffee waggaa shani. Barri hojii osoo hinxumuramne, ji'a tokko dura filannoon haarawan adeemsifameeti xumurama. Barri hojii Caffee duraanii xumura mee guyyaa soddoma keessatti Caffeen haarawan hojiiisaa ni jalqaba.

3. Yeroo walgahii idileen Caffichaa hinjirre keessatti Af-yaa'ichi walgahii ariifachiisaa waamu nidanda'a. Miseensota Caffichaa harka sadi keessa tokkoo ol kan ta'an walgahii ariifachiisaa akka waamamu yoo gaafatan, Af-yaa'ich walgahii waamuuf dirqama qaba.

4. Walgahiin Caffee ifatti adeemsifama. Ta'uus garuu, walgahii cufaatti akka adeemsifamu miseensotaan yokiin Mana Marii Naannichaatiin yoo gaafatamee fi miseensota Caffee keessaa walakkaa ol kan ta'an gaafficha yoo deeggaran walgahiin cufaan adeemsifamu nidanda'a.

Keewwata 52  
Murtiiwwan fi  
Sirna Isaa

1. Miseensota Caffee harka sadii keessaa lamaa ol kan ta'an yoo argaman, yaa'ichi guutuu ta'a.

2. Murtiin Caffee sagalee caalmaa miseensoota walga'icharratti argamaniitiin darba.

3. Caffeen haala hojiiisaa fi seerri itti tumamu ilaalchisee labsii baasuu ni danda'a.

BOQONNAA JA'A  
Qaama Seera Raawwachiistuu  
Keewwata 53

Aangoo Raawwachiistummaa

1. Aangoon raawwachiistummaa ol'aanaan Mootummaa naannichaa kan kenname Pireezidaantichaafi Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif.

2. Miseensonni Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa hojii Mootummaa isaaniiratti murtii walii wajjiniin kennaniif ittigaafatama waliinii qabu.

Keewwata 54  
Miseensota Mana Marii  
Bulchiinsa Naannichaa

1. Manni marii bulchiinsa mootummaa naannoo pireezidaantiichi, itti aanaa pireezidaantiichi, hogganoonni biiroolee yokiin waajjirootaa fi akkaataa seeraan murtaawuun qaamoonni biraa kan keessatti argamaniidha.

ለ) አፈ ጉባዔው በማይኖርበት ጊዜ ተከቶ ይሰራል ።

፩. የአፈ-ጉባዔው ሌሎች ተግባራት በሕግ ይወሰናሉ ።

አንቀጽ ፶፩  
የጨፌ የሰብሰባ ጊዜና የሥራ ዘመን

፩. ጨፌ ቢያንስ በዓመት ሁለት ጊዜ መደበኛ ሰብሰባ ያደርጋል ፤

፪. የጨፌ አባላት የሥራ ዘመን ለአምስት ዓመት ነው ። የሥራ ዘመኑ ከማብቃቱ ከአንድ ወር በፊት አዲስ ምርጫ ተካሂዶ ይጠናቀቃል ፤ የቀድሞው ጨፌ የሥራ ዘመን በተጠናቀቀ በአሥራ አምስት ቀናት ውስጥ አዲስ ጨፌ ሥራውን ይጀምራል ።

፫. የጨፌ መደበኛ ሰብሰባ በማይኖርበት ወቅት አፈ ጉባዔው አስቸኳይ ሰብሰባ ሊጠራ ይችላል ። ከጨፌ አባላት መካከል ከአንድ ሦስተኛ በላይ የሚሆኑት አስቸኳይ ሰብሰባ እንዲጠራ ከጠየቁ አፈ ጉባዔው ሰብሰባ የመጥራት ግዴታ አለበት ።

፬. የጨፌ ሰብሰባ በግልፅ ይካሄዳል ፤ ሆኖም ሰብሰባው በዝግ እንዲካሄድ በአባላቱ ወይም በክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት ከተጠየቀና ከጨፌ አባላት መካከል ከግማሽ በላይ የሚሆኑት ጥያቄውን ከደገፉት ዝግ ሰብሰባ ሊደረግ ይችላል ።

አንቀጽ ፶፪  
የውሳኔ አስጣጥና የአሠራር ሥነ ሥርዓቶች

፩. ከጨፌ አባላት መካከል ከሁለት ሦስተኛ በላይ ፣ የሚሆኑት ከተገኙ ምልዓተ ጉባዔ ይሆናል ፤

፪. ማናቸውም ውሳኔ የሚተላለፈው በጨፌ ሰብሰባ ላይ በተገኙት አባላት አብላጫ ድምፅ ይሆናል ።

፫. ጨፌ አሠራሩንና የሕግ አወጣጥ ሂደቱን አስመልክቶ ዝርዝር ሕጎችን ሊያወጣ ይችላል ።

ምዕራፍ ስድስት  
የሕግ አስፈጻሚ አካል  
አንቀጽ ፶፫  
የአስፈጻሚነት ሥልጣን

፩. የክልላዊ መንግሥቱ ከፍተኛ የአስፈጻሚነት ሥልጣን የተሰጠው ለመስተዳድሩ ፕሬዚዳንትና ለክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት ነው ።

፪. የመስተዳድሩ ምክር ቤት አባላት በመንግሥት ተግባራቸው በጋራ ለሚሰጡት ውሳኔ የጋራ ኃላፊነት አለባቸው ።

አንቀጽ ፶፬  
የክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት አባላት

፩. የክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት ፕሬዚዳንቱ ፣ ምክትል ፕሬዚዳንቱ ፣ የቢሮ ወይም የጽሕፈት ቤት ኃላፊዎችና በሕግ በሚወሰነው መሠረት ሌሎች አባላት የሚገኙበት አካል ነው ።

(b) Act on behalf of the speaker in his absence.

5. Other functions of the Speaker shall be determined by law.

Article 51  
Meetings of the 'Caffee' and the  
Duration of its Sessions

1. The 'Caffee' shall meet at least twice every year.

2. 'Caffee' members shall be elected for a term of five years. One month prior to the expiry of the term of office, elections shall be concluded for a new 'Caffee'. The new 'Caffee' starts its tenure within fifteen days after the expiry of the tenure of previous 'Caffee'.

3. The speaker may call a meeting of 'Caffee' when it is not in session. The Speaker shall also be obliged to call a meeting of 'Caffee' at the request of one-third or more of the members.

4. Meetings of the 'Caffee' shall be open to the public. However, 'Caffee' may hold a closed meeting where the members of 'Caffee' or the regional administrative council requests such meeting and where such request is approved by one-half or more of the members of Caffee.

Article 52  
Decisions and Rules of Procedure

1. The presence of more than two third of the members of 'Caffee' shall constitute a quorum

2. All decisions of 'Caffee' shall be made by a majority vote of the members present and voting.

3. The 'Caffee' shall adopt rules and procedures regarding the organization of its work and legislative process.

Chapter Six  
the Executive  
Article 53  
Powers of the Executive

1. The highest executive power in the Oromia Regional State is vested in the president and the Regional Administrative Council.

2. For all decisions they may pass on the affairs of the State, members of the Regional Administrative Council shall bear collective responsibility.

Article 54  
Members of the Regional  
Administrative Council

1. The Regional Administrative Council comprises the President, the Vice President Bureau heads and other members as determined by law.

- 2. Walitti qabaan mana marii bulchiinsa Mootummaa naannichaa Pireezidaanticha.
- 3. Ittiwaamamni mana marii bulchiinsa Mootummaa naannichaa Pireezidaantichaafi Caffee naanichaatiif ta'a.

**Keewwata 55**  
**Aangoofi Hojii Mana Marii**  
**Bulchiinsa Mootummaa**  
**Naannichaa**

Heera Feederaalaatiin kan tumame akkuma eegametti ta'ee, manni marii bulchiinsa naannichaa aangoo fi hojii kanatti aanan niqabaata:

1. Seerota Caffee fi mootummaa Feederaalaatiin ba'aniifi murti-iwwan kennaman naannichaa keessatti hojiirra ooluusaanii nimirkanessa;
2. Akkaataa seeraan murtaa'utti, lakkoofsa miseensota mana marii bulchiinsa naannichaa ni-murteessa; qaamoota raawwachiistuu biraatiifi dhaabbattota adda addaa nihundeessa; nito'ata;
3. Baajata naannichaa kan waggaa niqopheessa; Caffee fi nidhiheessa; yeroo ragga'uus hojiirra ni oolcha;
4. Imaammatootaafi tarsiimoowan misooma dinagdeefi hawaasummaa naannichaa niqopheessa; wixineewwan seeraa Caffee fi nidhiheessa; yeroo ragga'aniis hojiirra ni oolcha;
5. Naannichaa keessatti seeraafi sirni kabajamuusaa nimirkanessa;
6. Aangoo Caffee isaaf kennurraatti hundaa'ee dambiiwwan nibaasa;
7. Heera kana keewwata 49 keewwata xiqqaa 3(o) jalatti aangoon Caffee kenname akka eegametti ta'ee, yeroo Caffee waliitti hinqabamne rakkoon fayaa fi balaan tasaa naannichaa keessatti yeroo mudatu tumaa yeroo ariifachiisaa baasee hojiirra ni oolcha;
8. Heera kana keewwata 57 keewwata xiqqaa 3 (e) irratti hundaa'uudhaan hogganoota, bulchootaafi itti aanota bulchoota godinaa dhiyaataniif ni muuda;
9. Hojiwwan biraa Caffichaan kennamaniif niraawwata.

**Keewwata 56**  
**Moggaasaafi Bara Hojii**  
**Pireezidaantichaa**

1. Pireezidaantichi, dhaabbata yookiin dhaabbattoota siyaasaa injifatanii yookiin sagalee caalmaa argatanii dhiyaateeti, Caffeedhaan moggaafama.
- 2) Heera kanaan haala biraatiin yoo murtaa'e malee, barri hojii preezidaantichaa bara hojii Caffee naannichaati.

**Keewwata 57**  
**Aangoofi Hojii Pireezidaantichaa**

1. Pireezidaantichi hogganaa hojii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiifi walitti qabaan mana marii Bulchiinsichaa.
2. Ittiwaamamni preezidaantichaa Caffeedhaafi.

- ፪. የክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት ስብሰባ ፕሬዚዳንቱ ነው ።
- ፫. የክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት ተጠሪነት ለመስተዳድሩ ፕሬዚዳንትና ለክልሉ ጩራ ነው ።

**አንቀጽ ፶፮**  
**የክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት**  
**ሥልጣንና ተግባር**

በፌዴራሉ ሕገ መንግሥት የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት ከዚህ በታች የተመለከቱት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል ።

- ፩. በጩራና በፌዴራሉ መንግሥት የወጡ ሕጎችና የተሰጡ ውሳኔዎች በክልሉ ውስጥ በሥራ መተርጎማቸውን ያረጋግጣል ፤
- ፪. በሕግ በሚወሰነው መሠረት የክልሉን መስተዳድር ምክር ቤት አባላት ቁጥር ይወስናል ፤ ሌሎች አስፈጻሚ አካላትንና ልዩ ልዩ ተቋማትን ያደራጃል ፤ ይቆጣጠራል ፤
- ፫. የክልሉን ዓመታዊ በጀት ያዘጋጃል ፤ ለጩራ ያቀርባል ፤ ሲዕድቅም በሥራ ላይ ያውላል ፤
- ፬. የክልሉን ኢኮኖሚያዊና ማኅበራዊ ልማት ፖሊሲዎችንና ስትራቴጂዎችን ይነድፋል ፤ የሕግ ረቂቆችን ለጩራ ያቀርባል ፤ ሲዕድቅም በሥራ ላይ ያውላል ፤
- ፭. በክልሉ ውስጥ ሕግና ሥርዓት መከበሩን ያረጋግጣል ፤
- ፮. ጩራ በሚሰጠው ሥልጣን መሠረት ደንቦችን ያወጣል ፤
- ፯. በዚህ ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፵፱ ንዑስ አንቀጽ ፫(ፕ) ሥር ለጩራ የተሰጠው ሥልጣን እንደተጠበቀ ሆኖ ጩራው በማይሰበሰብበት ጊዜ የጤና ችግርና ድንገተኛ የተፈጥሮ አደጋ በክልሉ ውስጥ በሚደርስበት ጊዜ የአስቸኳይ ጊዜ ድንጋጌ አውጥቶ በሥራ ላይ ያውላል ፤
- ፰. በዚህ ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፶፯ ንዑስ አንቀጽ ፫ ፊደል ተራ ቁጥር ሠ መሠረት የሚቀርቡለትን ኃላፊዎች ፣ የዞን አስተዳዳሪዎችንና ምክትል አስተዳዳሪዎችን ይሾማል ፤
- ፱. በጩራ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ያከናውናል ።

**አንቀጽ ፶፯**  
**የፕሬዚዳንቱ አሸናፊ የሥራ ዘመን**

- ፩. ፕሬዚዳንቱ አሸናፊ በሆነው ወይም አብላጫ ድምፅ ባገኘው የፖለቲካ ድርጅት/ ድርጅቶች አቅራቢነት በጩራ ይሰየማል ።
- ፪. በዚህ ሕገ መንግሥት መሠረት በሌላ አካሄድ ካልተወሰነ በስተቀር የፕሬዚዳንቱ የሥራ ዘመን የጩራ የሥራ ዘመን ነው ።

**አንቀጽ ፶፱**  
**የፕሬዚዳንቱ ሥልጣንና ተግባር**

- ፩. ፕሬዚዳንቱ የክልል መስተዳድሩ ሥራ መሪና የመስተዳድሩ ምክር ቤት ስብሰባ ነው ።
- ፪. ፕሬዚዳንቱ ተጠሪነቱ ለጩራ ነው ።

- 2. The president is the chairman of the Regional Administrative Council.
- 3. The Regional Administrative Council is accountable to the president and 'Caffee'.

**Article 55**  
**Powers and Functions of the Regional Administrative Council**

Without prejudice to the provisions of the Federal Constitution, the Regional Administrative council shall have the following powers and functions to:

1. ensure the proper implementation of laws and decisions of the Federal State and those of 'Caffee';
2. determine the number of the Regional Administrative Council as determined by law; organized and oversee other executive organs and undertakings.
3. prepare the annual budget for submission to 'Caffee' and, upon approval by the later, implement the same;
4. devise economic and social policies and strategies; submit legal drafts to 'Caffee' and upon approval, implement the same;
5. to ensure the observance of law and order;
6. enact regulations pursuant to powers vested in it by 'Caffee';
7. without prejudice to the power vested in 'Caffee' by Article 49 sub-Article 3 (o) of this Constitution when 'Caffee' is not in session proclaim a state of emergency and implement the same should natural catastrophes or epidemics that jeopardize the well-being or the health of the people occurs.
8. appoint officials zonal administrators and Deputy administrators which are recommended according to Article 57 sub-Article 3 (e) of this Constitution.
9. to discharge other functions as may be assigned to it by the 'Caffee'.

**Article 56**  
**appointment and term of office of the president**

1. The President shall be designated by the "Caffee" from its members, upon the nomination by a political party or a coalition of political parties with the greatest number of seats.
2. Unless otherwise provided for in this Constitution; the term of office of the president shall be that of the 'Caffee'.

**Article 57**  
**Powers and Duties of the President**

1. The president shall be the Chief Executive of the Regional State and the Chairman of the Administrative Council.
2. The president is responsible to the 'Caffee'

3. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, pirezidaantichi:
- a) Mana marii bulchiinsa mootummaa naannichaa nihoggna; niqindeessa; bakka bu'a;
  - b) Imaammatoonni, dambiiwwan, qajeelfamoonniniifi murtilen mnni marii bulchiinsa mootummaa nannichaa baase hojiiirra ooluusaanii nihordofa;
  - c) Muudama Pirezidaantiifi Itti Aanaa Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa naannichaa, Odiitara muumichaa fi miseensota mana maree bulchiinsa mootummaa naannoo Caffee dhiyeessee ni raggaasisa;
  - d) Keewwata xiqqaa kana (c) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, yeroo Caffeen walhingeenye hogganoota hojii kanaa olitti eeraman yeroodhaaf ramadee nihojjachiisa;
  - e) Hogganoota fi itti aanota Waajjiroota naannichaa kanneen jaarmayoota ol'aannoo diinagdee, hawaasummaafi bulchiinsaa kanneen keewwata xiqqaa kana (c) jalatti tarreeffamaniin alata'an, bulchootaa fi itti aanoota bulchoota godinaa mana marii bulchiinsa naannichaatiif dhiyeessuudhaan ni muuchisiisa;
  - f) Humnoota nageenyaafi poolisii kanneen nageenya naannichaa eeguufi seeraafi sirna kabachiisuuf hundeeffaman ol'aantummaan nihoggana; nito'ata;
  - g) Hojii manneen marii bulchiinsa godinaa, aanaafi gandaa ol'aantumman nihoggana; niqindeessa; ni to'ata;
  - h) Waa'ee haala naannichaa, hojiiwwan mana marii bulchiinsichaatiin raawwatamaniifi karoora gara fuulduraa Caffeedhaaf yeroo yerootti gabaasa nidhiyeessa;
  - i) Akka seeraatti dhiifama nigodha;
  - j) Heera mootummaa kana nikabaja; nikabachiisa;
  - k) Hojiiwwan biroo Caffee naannichaatiin kennamaniif niraawwata.
- Keewwata 58**  
**Aangoofi Hojii Itti**  
**Aanaa Pirezidaantii**
1. Itti Aanaan Pirezidaantichaa;
- a) Hojiiwwan prezidantihaafi mana marii bulchiinsa mootummaa naannichaatiin addaan baafamaniif kennamaniifi niraawwata;
  - b) Yeroo Pirezidaantichi hin jirre bakka bu'ee ni hojjata.
2. Ittiwaamamni itti aanaa Pirezidaantichaa Pirezidaantichaa aaf taha.

- ፫. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ፕሬዚዳንቱ፡-
- ሀ) የክልሉን መስተዳድር ምክር ቤት ይመራል ፣ ያስተባብራል ፣ ይወክላል ፤
  - ለ) የክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት ያወጣቸውን ፖሊሲዎች ፣ ደንቦች፣ መመሪያዎችና ውሳኔዎች ተፈጻሚነት ይከታተላል ፤
  - ሐ) የክልሉን ጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ፣ ምክትል ፕሬዚዳንት ፣ ዋና አዲተርና የክልሉን መስተዳድር ምክር ቤት አባላት ሹመት ለጨፌ አቅርቦ ያስፀድቃል ፤
  - መ) በዚህ ንዑስ አንቀጽ /ሐ/ ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ጨፌ በማይሰበሰቡበት ጊዜ ከፍብሎ የተጠቀሱትን የሥራ ኃላፊዎች በጊዜያዊነት መደቦ ያሰራል ፤
  - ሠ) የክልሉን ከፍተኛ ኢኮኖሚያዊ፣ ማኅበራዊና አስተዳደራዊ ተቋማትና በዚህ ንዑስ አንቀጽ (ሐ) ሥር ከተዘረዘሩት ውጭ የሆኑ የክልል መሥሪያ ቤቶች ኃላፊዎችና ምክትሎቻቸውን ፣ የዞን አስተዳደሮችንና ምክትል አስተዳደሮችን ለክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት በማቅረብ ያሾማል ፤
  - ረ) የክልሉን ደህንነት ለማስጠበቅ ፣ ሕግና ሥርዓትን ለማስከበር የተቋቋሙትን የፀጥታና የፖሊስ ኃይሎች በበላይነት ይመራል ፣ ይቆጣጠራል ፤
  - ሰ) በክልሉ የሚገኙትን የዞን ፣ የወረዳና የቀበሌ አስተዳደር ምክር ቤቶችን ሥራ በበላይነት ይመራል ፣ ያስተባብራል ፣ ይቆጣጠራል ፤
  - ሸ) ስለክልሉ ሁኔታ ፣ በመስተዳድሩ ምክር ቤት ስለተከናወኑት ተግባራትና ስለወደፊት ዕቅዶች ለጨፌ በየወቅቱ ሪፖርት ያቀርባል ፤
  - ቀ) በህግ መሠረት ይቅርታ ያደርጋል ፤
  - በ) ሕገ መንግሥቱን ያከብራል ፣ ያስከብራል ፤
  - ተ) በጨፌ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ያከናውናል ።
- አንቀጽ ፶፰**  
**የምክትል ፕሬዚዳንት ሥልጣንና ተግባር**
- ፬. ምክትል ፕሬዚዳንቱ ፤
- ሀ) በፕሬዚዳንቱና በክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት ተለይተው የሚሰጡትን ተግባራት ያከናውናል ፤
  - ለ) ፕሬዚዳንቱ በማይኖርበት ጊዜ ተክቶ ይሰራል ።
- ፭. የምክትል ፕሬዚዳንቱ ተጠሪነት ለፕሬዚዳንቱ ነው ።

3. Without prejudice to sub-Article (1) of this Article the President shall;
- (a) lead the Regional administrative Council, coordinate its activities and act as its representative.
  - (b) follow-up and ensure the implementation of policies, regulation, directives and decisions adopted by the Regional Administrative Council.
  - (c) Submit for approval to the 'Caffee' for posts of the President and Vice President of the supreme Court, the Auditor General and members of the Regional Administrative Council.
  - (d) Without prejudice to this sub Article (c) when the 'Caffee' is not in session, assign temporarily the aforementioned officials.
  - (e) submit the names of heads and deputy heads of high economic, social and administrative establishments and nominees for heads of Regional Offices, Zonal Principal and Deputy Administrators, posts other than those specified under sub-Article (c) of this Article to the Regional Administrative Council for appointment.
  - (f) exercise overall supervision and guidance over the functions of the security services and the police forces of the Region in the enforcement of law and order.
  - (g) Coordinate, supervise and leads the functions of the Administrative Council of Zone, District and Kebele.
  - (h) submit to the 'Caffee' periodic reports on work accomplished by the Regional Administrative Council as well as on its plans and proposals.
  - (i) grant pardons according to the law.
  - (j) respect and enforce the Constitution
  - k) discharge such other functions as may be assigned to him by the 'Caffee'
- Articles 58**  
**Powers and Duties of the Vice President**
1. The Vice President shall:
- (a) carry out responsibilities entrusted to him by the President and the Regional Administrative Council.
  - (b) act on behalf of the president in his absence.
2. The Vice President shall be responsible to the president.

Keewwata 59

Waajjira Pireezidaantichaa

1. Pireezidaantichi ittigaafatama Heera Kanaan kennameef raawwachuuf waajjira mataasaa niqabaata.
2. Waajjirri pireezidaantichaa waajjira mana marii mootummaa bulchiinsa nannichaatiis ta'uudhaan nitajaajila.
3. Waajjirichi barreessaa pireezidaantichaan ramadamuun hogganamá.
4. Ittiwaamamni barreessichaa pirezidaantichaaf ta'ee:
  - a). Waajjiricha humna namaatiifi meeshaan nigurmeessa;
  - b). Dokumantiiwwanbulchiinsichaa qajeelootti niqaba; ni eega;
  - c). Qaboon-yaa'ii bulchiinsichaa qajeelootti qabamuusa nimirkaneessa;
  - d). Hojiiwwan biraa Pirezidaantichaan kennamaniif niraawwata.

Keewwata 60

Waa'ee Hundeeffamuu

Jaarmayoota Dinagdee,

Hawaasummaa fi Bulchiinsaa

Biurooleen, koomiishinoonniniifi waajjiroonni adda addaa hojiiwwan dinagdee, hawaasummaafi bulchiinsa mootummaa naannichaa raawwatan, qindeessanii fi hogganan akkuma barbaachisumaasaaniitti ni hundeeffaman. Tarreeffamni isaa seeraan murt-aa'a.

BOQONNAA TORBA

Waa'ee Caaseeffama Manneen

Murtii fi Aangoo

Abbaa Seerummaa

Keewwata 61

Waa'ee Hundeeffama Qaama

bilisummaa Abbaa seerummaa

1. Naannicha keessatti qaamni abbaa seerummaa bilisa ta'e Heera kanaan hundeeffameera.
2. Manni murtii addaa yookiin kan yeroo, kan aangoo abbaa seerummaa mana murtii idilee yookiin dhaabbata aangoon abbaa seerummaa seeraan kennameefiin ala taasisuufi sirna abbaa seerummaa seeraan tumame hin hordofne, hinhundeeffamu.

Keewwata 62

Waa'ee Abbaa Seerummaa

Aadaa fi Amantii

1. Akka keewwata 34 keewwata xiqqaa (5) Heera kanaatti, manneen murtii amantiifi aadaa hundeeffamuu yookiin beekamiinsi kennamuufi nidanda'a.
2. Qaamoonni abbaa seerummaa amantiifi aadaa, osoo Heerri kun hinragga'in dura beekaminsa argatanii ittiin hojjatamaa ture, Heera mootummaa kanaan beekamiinsa argatanii nigurmaawu.
3. Abbootiin seeraa hojii abbaa seerummaasaanii bilisummaa guutuun raawwatan; seeraan malee haala biraatiin hinhogganaman.

አንቀጽ ፶፱

የፕሬዚዳንቱ ጽ/ቤት

- ፩. ፕሬዚዳንቱ በዚህ ሕገ መንግሥት የተሰጠውን ኃላፊነት ለመወጣት የራሱ ጽ/ቤት ይኖረዋል ።
- ፪. የፕሬዚዳንቱ ጽ/ቤት የመስተዳድሩ ምክር ቤት ጽ/ቤት በመሆን ጭምር ያገለግላል ።
- ፫. ጽ/ቤቱ በፕሬዚዳንቱ በሚመደብ ፀሐፊ ይመራል ።
- ፬. ፀሐፊው ፣ ተጠሪነቱ ለፕሬዚዳንቱ ሆኖ፦
  - ሀ) ጽ/ቤቱን በሰው ኃይልና በቁሳቁስ ያደራጃል ፤
  - ለ) የመስተዳድሩን ሰነዶች በአግባቡ ይይዛል ፤ ይጠብቃል ፤
  - ሐ) የመስተዳድሩ ምክር ቤት ቃለጉባዔ በሚገባ መያዙን ያረጋግጣል ፤
  - መ) በፕሬዚዳንቱ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ያከናውናል ።

አንቀጽ ፷

ስለ ኢኮኖሚያዊ ፣ ማኅበራዊና

አስተዳደራዊ ተቋማት መቋቋም

የክልሉን ኢኮኖሚያዊ ፣ ማኅበራዊና አስተዳደራዊ ሥራዎች የሚያከናውኑ ፣ የሚያስተባብሩና የሚመሩ ቢሮዎች ፣ ኮሚሽኖችና ሌሎች መሥሪያ ቤቶች እንደአስፈላጊነታቸው ይቋቋማሉ ፤ ዝርዝሩ በሕግ ይወሰናል ።

ምዕራፍ ሰባት

ስለ ፍርድ ቤቶች አወቃቀርና

የዳኝነት ሥልጣን

አንቀጽ ፷፩

ስለ ነፃ የዳኝነት አካል መቋቋም

- ፩. በክልሉ ነፃ የዳኝነት አካል በዚህ ሕገ መንግሥት ተቋቋሟል ።
- ፪. የዳኝነት ሥልጣንን ከመደበኛ ፍርድ ቤት ወይም በሕግ የመዳኘት ሥልጣን ከተሰጠው ተቋም ውጭ የሚያደርግና በሕግ የተደነገገውን የዳኝነት ሥርዓት የማይከተል ልዩ ወይም ጊዜያዊ ፍርድ ቤት አይቋቋምም ።

አንቀጽ ፷፪

ስለ ባህላዊና ሐይማኖታዊ ዳኝነት

- ፩. በዚህ ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፴፬ ንዑስ አንቀጽ ፭ መሠረት የሃይማኖትና የባህል ፍርድ ቤቶች ሊቋቋሙ ወይም ዕውቅና ሊሰጣቸው ይችላሉ ።
- ፪. ይህ ሕገ መንግሥት ከመጽደቁ በፊት በመንግሥት እውቅና አግኝተው ሲሰሩ ባቸው የነበሩ ሐይማኖታዊና ባህላዊ የዳኝነት አካላት በዚህ ሕገ መንግሥት እውቅና አግኝተው ይደራጃሉ ።

አንቀጽ ፷፫

የዳኝነት ሥልጣን

- ፩. የክልሉ የዳኝነት ሥልጣን የፍርድ ቤቶች ብቻ ነው ።
- ፪. በየትኛውም ደረጃ የሚገኝ የዳኝነት አካል ከማናቸውም የመንግሥት አካል፣ ባለሥልጣን ወይም ሌላ ተፅዕኖ ነፃ ነው ።
- ፫. ዳኞች የዳኝነት ተግባራቸውን በሙሉ ነፃነት ያከናውናሉ ፤ ከሕግ በስተቀር በሌላ ሁኔታ አይመሩም ።

Article 59

Office of the President,

- 1) The president shall have his own office in order to accomplish his duties
- 2) The office of the president shall also be the office or Regional administrative council.
- 3) The office shall be led by the Secretary assigned by the president.
- 4) The secretary shall be accountable to the President and shall
  - (a) organize the office with man power and materials
  - (b) serve as a custodian of all documents of the Regional administrative council.
  - (c) ensure the proper handling of minutes of the Regional administrative Council
  - (d) discharge such other functions as may be assigned to him by the president.

Article 60

Establishment of Economic,

Social and Administrative

Organs

There shall be established bureaus, commissions and other organs to coordinate and guide discharge the economic, Social and administrative functions of the Region as may be necessary. The details shall be determined bylaw.

Chapter Seven

Structure and power of the Courts

Article 61

Independence of the Judiciary

1. An independent judiciary is here by established in the Region.
2. The establishment of the special or ad-hoc Court outside the regular court system or institution which are legally empowered to exercise judicial functions and which follow legally prescribed procedures, is prohibited.

Article 62

Religious and Customary

Tribunals

